

مؤسسة دار الفكر  
Dar Al-Fiker Foudation  
مفندي - إثيوبيا



الرؤية الكونية الحضارية القرآنية  
د. عبد الحميد أحمد أبو سليمان

*Ilaalcha Qur'aanni Uumamaa fi  
Qaroomaaf Qabu*

**Qopheessaan:**

*Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

# الرؤية الكونية الحضارية القرآنية

د. عبدالحميد أحمد أبو سليمان

**Ilaalcha Qur'aanni Uumamaa fi**

**Qaroomaaf Qabu**

**Qopheessaan:**

**Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu**

**Suleeymaan**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/34**

*Kitaaba Gabaabaa Waa'ee*

*Ilaalcha Hawaa Qur'aanawaa Fi Qaroomaa*

*Haromsa namummaatiif ka'umsa bu'uuraa*

Haaromsa ilma namaatiif ka'umsa bu'uuraati jedhamu irraa

gabaabsame

**Kitaaba Gabaabaa Waa'ee**

**Ilaalcha Hawaa Isa Qaroomaa Fi Qur'aanawaa**

**Haromsa namummaatiif ka'umsa bu'uuraa**

**Abdulhamiid Abuu Sulaymaan**

## Baafata

Baafata .....	3
Ilaalcha Hawaa Isa Qaroomaa Fi Qur'aanawaa .....	4
Ilaalchi walii gala kan Islaamummaan hawaaf qabdu akkamitti fokkisiifamte (maqaan xureeffame)? .....	7
Sammuu fi naqliin wal-dhabuu: se'aadha moo dhugaadha? .....	13
Ilaalcha Islaamaa jidduu namoota baadiyyaa fi sahaabotaa .....	18
Ilaalchi hawaa Qur'aanawaa fi qaroomaan maali? .....	21
Anaa fi nama biraa- Ilaalcha Qur'aanaa hawaa keessatti .....	26
Ilaalchi Qur'aanawaan hawaa ilaalcha nagaa addunyawaati ....	29
Dhaabbataa fi jijjiiramaa: yeroo fi iddoo .....	36
Fakkenyummaa qabatamaa .....	37
Sonoota ilaalcha Qur'aanawaa hawaa .....	43
Ilaalcha hawaa Qur'aanawaa: .....	63
Bu'uura, ka'umsaa fi kakaasaa haaromsaa fi ijaarsaa .....	63
Ilaalcha hawaa qaroomaa, hubannoowwan namummaa fi haala toliinsa .....	65
Waan ilaalcha boodaan jiru: akka garbaa fi galaana keessa hin qonneef .....	66
Akkamitti saayinsii hawaasa Islaamaa ijaarree ilaalcha Islaamummaa dhugoomsinaa? .....	67
Gahee (qooda) dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamaa ....	72
Ergaa xumuraa .....	75

## **Ilaalcha Uumamaa, Isa Qaroomaa Fi Qur'aanawaa<sup>(1)</sup>**

*Ilaalchi hawaa fi Qur'aanaa hundee haaromsaati.*

Dhaabni (seerri) qaroomaa hunduu ilaalcha hawaa kan karaa xiinxala isii kakaasu qabdi (yookii ilaalcha hawaa kan karaa isiin ittiin waa xiinxaltu murteessu qabdi). Akkasumas karaan hunduu sonoota bu'uraa kan ittiin deemtu qabdi. Karaan xiinxalaa meeshaa ummanni tokko ilaalcha hawaa fi qaroomaa ittiin ibsatudha.

Ilaalchi hawaa qarooma Islaamawaan akka madda bu'uuraa kan sonoota, duudhaa fi hubannoon irraa madduutti ilaalanti. Ilaalcha kanatu madda isii, galmaa fi kaayyoolee isii guddaa bakka buuti.

Jaarmaya ilaalcha hawaa Islaamawaatti yaaddahuun xiqqaaachuu fi dhimmicha hubachuu dhabuun, akkasumas waan isiin ibsitu kan akka: ka'umsa sonootaa fi duudhaa; kan karaan xiinxalaa isii bakka bu'u waan karaa xiinxalaa mudate irra gahuuulfaataa taasise. Wanti ilaalcha xiinxalaa mudate kun hubannoo badaa fi maqaa bal'eessuu fa'i. Kun sababoota gurguddaa akka karaan xiinxalaa fi bu'aan isaa akka cufamee taa'u godhe keessaa isa tokko. Akkasumass akka sonotaa fi duudhaan hojii irra hin oolle kan godhes isuma kana. Kun immoo kan ta'uu danda'e aambaan ummataa: meeshaaleen, duudhaa fi kaayyoleen qaroomaa jiraachuu wajjini.

---

<sup>(1)</sup> "Hawaa" jechuun qaamotaakka lafaa, samii fi kkf jechuu barbaadameeti. Kunis kan Arabiffaan "Al-Kawn (الكون)" jedhamuu fi Ingiliffaatiin immoo "Univers" jedhamudha. "Qur'aanawaa" jechuun immoo akka ilaalcha Qur'aanaatti (Qur'aana bu'uura godhannee ennaa ilaallu) jechuudha.

Ammas hundeen xiinxla ummata Islaamaa, biyyeen hubannoo fi duudhaa kana biqilchitu, ilaalcha ummata aqiidaa, Qur'aanawaa fi ilaalcha hawaa (ilaalcha addunyaa) qaban irraa madda. Ilaalchi kun hundee (hidda), biyyee fi burqaa kan humna dhiibduu fi aqiidaa bakka buutudha. Isiin kunis kana amala dandeettii fi waan nama dhuunfaa fi hawaasatti dhaga'amu fi jara sochoosu kan daangessitudha. Akkasumas xiinxala kanatu adeemsa jiruu keessatti kallattii isaanii murteessa, adeemsi kun hangam tokko jabaatee itti fufuu danda'a seenaa keessattii fi argama kana keessatti ijaarsi qaroomaa akkamitti humna godhatee hojjachuu danda'a kan jedhus isiitu murteessa.

Kanaafuu akkuma ilaalchi kun mul'attuu, iftuu fi kan salphaatti hubatamtuu fi itti gahmtu taateen, wal-faallessuu fi se'aa (se'aa badaaa) irraa fagaatti. Ilaalchi tun humna keessaa kan aqiidaa, guddisaa, kan waa fiixaan baastu, kan nama dhuunfaa fi hawaasa sossoostu bakka buutee argamti.

Ennaa ilaalchi dukkanooftuu, kan humnaa irratti hundooftee fi waan dhugaa irratti hin hundoofne taate, hambaan (qabeenyi) ummatattii tanaa jireenya dhuunfaa fi hawaasaas jijjiiruu hin danda'u. Qabeenyi ummataa jennu kunis sonoota kan ilaalcha uumaatii fi seera isii hubachuuf akka meeshaatti fayyadu faadha.

Haala ummata Muslimaa irraa wanti nuti amma argaa jirru kan akka: hubannoo dhabuu, ilaalcha walii gala kan hawaa Islaamawaa yookii "Ilaalcha addunyaa Islaamaa" ilaalchisee beekumsa gadi fagoo barachuutti yaaduun dadhabaa dhufuun, ilaalchi tun dukkana'aa fi hir'inatti jijjiiramaa dhufuudhaan isatu rakkoo ummanni Islaamaa irraa dhukkubsataa jiranuuf sababa

ta'e. Kun immoo jaarraalee duraanii irraa eegalee hanga ammaatti kufaatii fi boodatti hafummaa fide.

Sababoota gurguddaa keessaa kan kufaatii ilaalcha ummata muslimaatiif sababa ta'e, muslimoonni qarooman, qarooma warra dhihaa ofitti fudhachuudha. Kun immoo kan ta'e ilaalcha jiruu fi uumaa kan isii keessa jiru osoo hin ilaalini.

Kanaafuu yoo muslimoonni qarooman guutummaan guutuutti daguu irraa hin dammaqin, akkasumas xiinxaltoonni warri guddisaa fi haaromsa irratti xiyyeeffatan jabaatanii lubbuu beekumsaa qabduu fi ilaalcha ijaarsa irratti xiyyeeffatteen galmee hambaalee fi qarooma isaanii hin ilaalin, hir'ina, boodatti hafummaa fi kufaatii ummata mudatee fi maqaa isii bal'eesse kana dura dhaabbachuu hin danda'anuu.

Wanti jarri kun beekuu qaban, galmeeffan kana keessaa kan isaan dura banuu qaban, galmee ilaalcha Islaamaa fi dhugaa waan isii mudateeti. Kunis kan ta'eef, isiitu bu'uura fi ka'umsa bu'uura aqiidaa bakka bu'u, akkasumas xiinxalaa fi keessoo namaa sossoostudha.

Yoo sababoota waan ilaalcha ummanni hawaaf qabdu dukkanaa'uutti geesse, kan maqaa isii xureessee fi hir'ina itti dhaqqabsiise irra hin ga'in, akka ummanni ilaalcha hawaa qaroomaa deebiftee ijaartuu gargaaruu keessatti qooda fudhachuu hin danda'anuu.

Deebisanii ijaaruu ennaa jennu kana faayida-qabessummaa isii, humna isii kan jiruu nama dhuunfaa fi hawaasaa sossoostuu (jijjiirtuu) fi akka hambaan (qabeenyi) ummata hojii irra oolu gochuudhaa. Kun immoo eenyummaa nama Muslimaa kan mul'isu, ergaa Islaamaa fi ilaalcha hawaa kan lubbuu guddistuu

fi jaarmaya mirkaneessitu ta'uu qabdi. Ilaalchi tunii fi karaan xiinxala ummatattii ijaarsaaf dhagaa bu'uuraati.

**Ilaalchi walii gala kan Islaamummaan hawaaf qabdu  
akkamitti fokkisiifamte (maqaan xureeffame)?**

Seenaa keenya guddinaa kaleessaa kan gadaa nabiiyyii fi jaarraa jalqabaa kan ummata qaroomtuu taate sun akkam akka turte ni beekna. Akkasumas haala yaachisaa ummanni jaarraa booda dhufan irra turanii fi kan amma keessa jirrus ni beekna. Kanaafuu gumaacha ummanni jaarraa duraa sun godhanii fi gaarummaa raawwii fi gumaata isaanii kan jiruu addunyaa fi qarooma namummaa haaromsite kan hiikuu dandeenyu yoo jaarraa Sanaa fi dhiirota gadaa Sanaa irratti ilaalcha walii galaa waa'ee hawaa qabaanne qofa.

Ilaalchi sunis kan waan gaarii, kaka'umsaa fi jabeenya xiinxalaa kan gumaacha kana haala gaariin galmaan ga'uutti jara kakaastedha. Gochi kun immoo addunyaa yeroo jaraa kan rifachiise ture, seenaa fi faanni isaa hanga har'aatti hafe. Faanti rifachiisaan sun aqiidaa fi aadaa jijjiiruu bira dabree afaan biyyoota baniinsi Islaamaa bira gahee (biyyoota Muslimoonni Islaamummaa seensisan) jijjiiruu danda'e.

Kanaafuu gaaffiin kan nutii fi namummaan har'aa deebii isaa baruuf baay'ee itti dhimmuu qabnu, ilaalchi dhaloonni sunii fi jaarraaleen sun ittiin faayame maali? Kan jedhudha. Maddi isaa maali? Akkamitti danda'ame? Kun hanga nuti beekuu qabnudha: maaliifi? Akkamitti? Jaarraalee fi bara kana hunda maaliif halluu ofii gadi dhiistee, maaliif suntuurte? Ummata Islaamaa keessatti maaliif jijjiiramaa fi sochii isii dhabde? Kan amma ummanni



sababa kanaan ummata dadhabduu, hir'uu, cunqurfamtuu, kan waan gaarii fi sochii hin qabe, akkasumassa tuffatamtuu kan qarooma keessatti qooda hin qabne taatee argamte? Dhiibbaan kun immoo deemee deemee haala gaddisiisaa nuti addunyaa har'aa kana keessatti agarruu irra maaliif ga'e?

Gaaffiiwwan kanaaf deebii kennuun dura wanti beekuu qabnu ilaalchi dhaloota duraanii sun ilaalcha hawaa kan nuti har'a bakka buunu akka hin taane hubachuudha. Ilaalchi keenya har'aa jijjiiramni isii ilaalcha hawaa kan ilaalcha hir'inaa taate, kan himannaa hojii hin qabnee fi se'aa qofa ibsitu, kan itti gaafatama nama muslimaa tokko irraa bifa tartiiba hin qabneen fuudhame fi kan gatii of dhabsiisuutti geessite bakka bu'a.

Ilaalchi ibsa akkanaa qabdu karaa baay'eedhaan ilaalcha hir'inaa, injifatamuu fi cunqurfamuu of irratti beekuu taate. Kun immoo akka lubbuun kaka'umsa dhabdu, beekumsa barbaaduu fi aadaa/karaa hawaa hubachuuf akka isiin inaaffaa dhabdu taasisa. Akkasumas hojii bakka bu'iinsaa qarooma gaarii ijaaruu keessatti bifa gaariidhaan hirmaachuu irraa isa hambisti.

Lubbuun akkanaa kun ummata hirkattuu, dadhabduu, kan sochii fi jijjiirama hin qabne, kan kaayoo, kaka'umsaa fi inaaffaa hin qabne, kan akka dhuunfaa fi hawaaasaattis ofittummaan, hir'inii, wal-gargaaruu dhabuu fi tokkichummaa dhabuun mallattoo isii ta'e qofa bakka ofii buusuu hin dandeessu.

Kanaafuu “Gatii of-dhabsiisuu” omishuun waan nama raaju miti. Kun immoo ittisa mataa ofii hubachuu hin qabnetti hirkachuudhaani. Kun immoo haala “of jaallachuu/lubbuu irratti hundaa'uu” jedhu uffachuudhaani (lubbuu horummaa dhoqqee

(garoolee), hamtuutti ajajjuu taate). Lubbuun kun immoo kophummaa, hir'inaa fi ofittummaadhaan kan ibsamtudha.

Ilaalchi “Addunyaa” yookii “Ilaalchi hawaa Qur’aanawaa, qaroomaa fi Islaamawaa” immoo gadaa dabre sana keessatti wanti isiin gumaacha mirkaneessite sana mirkaneessuu dandeesseef waan akka dhuunfaa fi hawaasaattis ilaalcha gaarii kan ittisummaa fi “Maalummaa ofii mul’isuu”dhaan ibsamtuufi. Akkasumas kakaasaan jaalalaa, kajeellaa fi mul’ata sodaachisaatti quufuun waan isii keessatti caalee argameefi.

Kanaan ilmi namaa piroojektii jiruu fi hiikaa jiruu isaa mirkaneessa. Kunis kan ta’u hojiidhaan, hojii qaroomaa gaariidhaan, akka dhuunfaa fi gareettis dirqama jiruu bakkaan ga’uudhaaf inaaffaa qabaachuudhaani. Kun immoo kan mul’ataa (qabeenya) fi waan afuuraa ta’uu danda’aa.

Kana jechuun, akka ilaalcha dhaloota Qur’aana, ijaarsaa fi qaroomaa sanaatti namummaan kan kakaasaa isii kan uumaamaa (humna uumamaa kan isii kakaasu), kan afuuraa fi dhimmoota isii kan qabeenyaa (addunyaa) tiif owwaatti malee kakaastuu buttuu taate kan qabeenyaa, meeshaa, ofittummaa, diinummaa, horummaa fi lubbuu kan hamtuutti nama ajajduuf hin awwaattu. Haalli kun immoo acuuccaa fi wal-miidhuu irratti kan hundoofte, kan isii keessatti haqni abbaa humnaatiif kennamu kan taatedha.

Garuu dhimmoota isii kan addunyaatiif haala gaarii fi kaka’uumsa uumamaatiin, afuura (ruhii) sirrooftuu taateen awwaatiif (furmaata kennitiif).

Haalaa fi adeemsi kun bifa walii galaatiin duudhaa haqummaa, tolchuu (tola ooluu), obbolummaa fi nagaa irratti kan dhaabbatedha. Asitti (ummata kana biratti) “Humni kan

haqaati”, lubbuun Immoo “Aalattuudha”. Kanaan ilmi namaa eenyummaa isaatii fi jaalala Rabbii isaa mirkaneessa, bifa qaromaa fi ijaarsa gaariitiin dhimmoota afuuraa (ruhii) fi qabeenyaa (addunyaa) tiif deebii kenna. Hawaasa qaroomaa fi ijaarsaaf taatu ijaara.

Rabbiin –qulqullaa’ee ol-ta’ee akkana jedhe:

﴿ فَأَقِمْ وَجْهَكَ لِلدِّينِ حَنِيفًا فِطْرَتَ اللَّهِ الَّتِي فَطَرَ النَّاسَ عَلَيْهَا لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ اللَّهِ ذَٰلِكَ

الَّذِي أَلْفَيْتُمْ وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾ الروم: ٣٠

*“Fuula kee isaa diriiraa amanticha (Islaamummaa)f dhaabi. Uumaa Rabbii tan (Rabbiin) isii irratti nama uume (qabadhaa). Uumaa Rabbiitiif jijjiiraan hin jiru (namni isii jijjiiru hin jiru). Kanatu amantii diriiraa/sirriiti. Garuu irra hedduun namaa hin beekanu.” (Ruum: 30)*

Bubbeen qilleensa dukkanaa kan boca hir’inaa qabatee suuta suutaan lafa qabatte, jaarraa nabiiyii fi jalqaba bara bakka buutota qaqqajeelloo booda ilaalcha hawaa Islaamoftuu irratti bubbisuu eegalte. Kunis sababa dhaloonni garee sahaabotaa (waa’illan ergamaa Rabbii), warri Qur’aanni harka ergamaa Rabbii (SAW), barsiisaa fi daa’ii fakkeenyyaa sana irratti guddise dhumuutiini.

Dhumiinsi isaanii kunis sababota garaa garaatiini. Kaan umriin deemuudhaan, kaan du’aan, kaan wareegamuudhaan, kaan immoo qabsoo ummata baadiyyaa wallaalaa dura dhaabbachuu irratti fa’i.

Erga sababa isiitiin lubbuun sahaabotaa hedduun wareegamuudhaan qabbanoofta boodas, yeroo mootota babbadoo fi roorristuu warra Faarisii fi Roomaa dura

dhaabbachuu keessatti gosoonni gara garaa akka hidhattu taasise. Warri sun warra guddisni isaanii bakka hin ga'ini.

Wanti kana irraa argame immoo namonni baadiyyaa wallaalaan Arabaa akka raayyaa fi waraana ummata Islaamaa fi jiruu siyaasaa isaanii irratti injifatan taasise. Kunis kan ta'uu danda'eef waan isaan Islaamummaaf haaraa ta'anii fi ilaalchi loogii gosummaa waan jara keessa gadi seeneefi.

Shanaanoon (tikfattoonni baadiyyaa) siyaasaa ummataa irratti mo'uu fi siyaasaan amantii injifachuu kana irraa immoo abbaa irrummaa fi maalaamaltummaan argamuun kan ergamaan Rabbii (SAW) akka argamuuf deemu dursanii dubbatan ta'uu hubachuu qabna. Jijjiirama (dhiibbaa) badaatu adeemsa jiruu, diinagdee fi hawaasummaa irra dhufuuf jira jechuudhaan himanii turan. Kan sana caalu immoo ilaalcha isiin jijjiirama hawaa Islaamummaa irratti qabdudha.

Gosoonni baadiyyaakun Islaamummaan dura, sababa amala Odola Arabaa goggogduu fi haala qilleensaatiin ennaa gaarreen gurguddaa fi gammoojjii bal'aa sana keessa achi baatee jiraattu sana "Hir'ina qaroomaa" qabdi.

Jijjiiramni hir'inaa kun gosoonni baadiyyaa siyaasaa Islaamaa irratti injifachuun kan mul'atte kilaafaan (bakka bu'iinsi) qajeeltuun dhumtee mootummaan Umawiyyaa dhaabbachuudhaani. Baadiyyummaa fi ilaalcha gosummaa wallaalummaa irraa wanti jara keessatti hafe ilaalcha uumaa Qur'aanawaa fi qaroomaa, kan bareedinni isaa dhaloota sahaabotaa uume balleessuutti geese. Suuta suutaan akka ilaalchi baadiyyummaa bakka ilaalcha Qur'aanaa fi qaroomaa bu'u taasise.

Kunis gama isaatiin akka amantiin faayidaa moototaa fi hordoftoota isaaniitiif dhimma itti ba'amu taasise. Akkasumas akka dhaabbileen hawaasaa jigu, abbaa irrummaan haala mijjeeffatu, malaamaltummaan/badiin jiruu hawaasa bal'aa keessa akka babal'atu gargaare. Ammas ijaarsa hawaasailaalchaa siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa gara garaa qabu keessattis akka malaamaltummaan babal'atu godhe.

Dhaala gosummaa, wallaalummaa, kan itti ganamsate kanaan, adeemsi seenaa ummata Islaamaatiif walitti fufuudhaan, gosoonni hedduun Islaamummaatti seentee aadaa fi ilaalchi isii dhaala qarooma dabartee -keessattuu qarooma Giriikii Suuriyaa kan oduu (*manxiqa*) irratti hundoofte- sanatti makachuudhaan ilaalchaa fi aqiidaa keessatti wal-dhahiinsa dabalatte. Caalaatti ilaalcha hawaa islaamoftuu balleessuu fi xureessuutti geesse. Kunis gama isaatiin lubbuun ummata Islaamaa caalaatti akka dadhabdu godhe.

Kun immoo kan ifatti mul'ate dhuma kufiinsa mootumma Umawiyyaa irratti. Ennaa dachiin seera ummata siyaasaa qabanii ciccittuu fi adeemsi isii of duuba deebitu ifatti mul'ate. Seerri sun kan bu'uura isii qulqulluu sanaan qarooma namaa haaromsuu fi ilaalcha bakka bu'ummaatiin, tawhida ka'umsa godhachuudhaan, kaayoo uumamaa, karaa uumamaahubachuudhaan, naamusa ergaa bakkaan ga'uutiin; haqa obbolummaa, marii, birmadummaa fi itti gaafatamummaa bu'uura godhachuu fi hojii ijaarsaariitii isii gara fuulduraatti oofuuf kan dhufteedha.

Wanti hubachuun barbaachisaa ta'u, qaroomni qabeenyaa kan yeroo dheeraa keessa muuxannoo fi hojii adda addaa kan gosoota adda addaa irraa dhufeen kan mirkanaa'e dhugaa of-duuba

deebi'uu bakka bu'iinsaa fi afuuraa sana hin jijjiiru. Kanumaaf gufuun qabeenyaa wal-irratti tuulame rakkoo of-booda deebi'uu afuuraa kan raawwii hojii Islaamummaa qaroomaatti dhaqqabe dhoksuu hin dandeenye.

Kan ilaalcha ummataa dukkaneessitutti, kaayyoo fi kaka'iinsa lubbuu isii keessatti laamshessuudhaan qaroomaaf, argannoo fi ijaarsaaf ariifachuu irraa akka dhaabbattuuf kan gootu; akkasumass dadhabbiin akka dhumuuf, ummanni xiinxala isii garii taate, kan bakka bu'iinsaa fi qarooma irratti xiyyeeffattu akka barbaaddattuuf ariifachuu irra kan dhaabdu dhoksuu hin dandeenye.

Osoo adeemsa seenaa xiinxala Islaamaa sirriitt xiinxallee, sababa kana hundaaf gareen aqiidaa, ilaalchaa fi falaasfaa adda addaa qabutu sammuu beektotaa fi falaasama ummata Islaamaa balleesse jechuu agarra. Keessumaayyuu seera warra giriikii, yaada Aristootilii fi falaasama isaa kaasuun ni danda'ama.

### **Sammuu fi naqliin <sup>(2)</sup> wal-dhabuu: se'aadha moo dhugaadha?**

Akka seenaan jedhutti dabiinsii fi maqaa balleessaan, kan ummanni Islaamaa osoo hin hubatin deebii kennuutti seene, kan yeroo darbe ilaalcha hawaa Islaamawaa fi qaroomaa tuqxe, kan hanga ammaallee ummanni irratti rakkataa jirtu gaaga'ama “Sammuu fi naqlii”n wal-dhabuuti.

Kun immoo ennaa Islaamummaa fi ilaalcha isii kan hawaa ilaallu, gaaga'ama jallifamtuu ummata Islaamaa falaasama se'aa

---

(2) “Naqlii” jechuun ergaan Qur'aanaa fi Hadiisaa jechuudha. Kana booda hiikaa kana keessatti jecha Arabiffaa kan “Naqlii” jedhun fayyadama.

fi suuraa malee qabatamaan hin jirre keessa buuste ta'uu agarra. Wanti kana jenneef, wal-dhabbiin sammuu fi wahyiii <sup>(3)</sup> jidduu jira jedhamu wal-dhabbiin se'aa irratti hundaa'e qofa waan ta'eefi.

Hojiin sammuu yoo meeshaa mul'ataadhaan wal-bira qabne akka "Madaalaa" ti. Madaalli kun kan wantoota moggaa (harka) isaa lamaan irra ka'ame madaaluuf oolu. Dhimma nuti dubbataa jirru kana irratti harki/moggaan madaalaa lamaan sammuu fi *naqlii* miti. Garuu ergaa *wahyiii* (naqlii) moggaa tokkoon, dhugaa uumaa fi sunana (karaa yookii adeemsa uumamni irratti jiraatu) moggaa tokkoon kaa'uudha.

Asitti hojiin sammuu, *naqliinii* fi uumaan kan Rabbiin isii irratti uumama uume hangam akka wal-simatu eeguu fi *wahyiin* barreeffame uumamaa fi karaa uumamaa irraa dubbataa isa jedhu mirkaneeffachuudha. Akkasumas*wahyiin* kan ennaa *naqlii* jedhamu inni itti yaadame sun kaayoo uumaa ni mirkaneessaa? Akka isiin bakka geessu ni qajeelchaa? Jechuu mirkaneeffachuudha.

Wanti asitti ifa ta'uu qabu, wal-dhabbiin jidduu *wahyiii* (*Naqlii*) fi sammuu (madaalaa)tti argamuun waan hin fakkaanne (hin malle) akka ta'edha. Garuu wal-dhabbiin jira jedhamee yaadaan fudhatamuun malu, jidduu *wahyiii* (*Naqlii*), uumamaa fi *sunana* (karaa uumamaa)ti. Gaheen sammuu (madaalaa) hariiroo jidduu *wahyiii* fi uumamaa mirkaneessuudha.

*Wahyiin* Rabbiin biraa dhufe, uumamni fi karaan uumamaa immoo hojii Rabbiiti. Akka sammuu mirkaneessetti, seenaa dhufaa darbaa keessatti jidduu akeeka wahyiii, qajeelcha isaa fi

---

(3) "Wahyiii" jechuun ergaa Rabbiin biraa dhufu jechuudha. Kana booda jecha Arabiffaa "Wahyiii" jedhun fayyadama.

jidduu uumamaa, karaa uumamaa fi kaayyoo isaatti wal-dhabbiin argamuuf carraan hin jiru. Sababni isaas, *wahyiin* hiikaa uumamaa fi karaa uumamaati. Akkasumas eenyummaa nama kan sirrii mirkaneessuu, dhimmoota isiitii fi kaayyolee isii akka Rabbiin isii uumetti mirkaneessuu irratti qajeelchuudha.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ فَأَقِمْ وَجْهَكَ لِلدِّينِ حَنِيفًا فِطْرَتَ اللَّهِ الَّتِي فَطَرَ النَّاسَ عَلَيْهَا لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ اللَّهِ ذَٰلِكَ

الَّذِي أَلْفَيْتُمْ وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾ الروم: ٣٠

“Uumaa Rabbii tan (Rabbiin) isii irratti nama uume (qabadhaa). Uumaa Rabbiitiif jijjiiraan hin jiru (namni isii jijjiiru hin jiru). Kanatu amantii diriiraa/sirriiti. Garuu irra hedduun namaa hin beekanu.” (Ruum: 30)

Dhimmi *naqlii* fi sammuum wal-dhabuu, kan sammuum nama muslimaa dhiibbaa manxiqa (gosa filoosoofii dubbii) kan Giriikonni osoo itti hin yaadin keessa bu’e; adeemsa xiinxala ummata kanaatii fi ilaalcha isii kan hawaa keessatti, akkasumas adeemsa isii kan qaroomaa keessatti daba (gufuu) badaa itti ta’ee jira. Waan dhimmi kun of-keessatti qabattuu fi waan isii hordofee dhufu yoo hin beekin ummanni kun ilaalcha isii, ittisa isii, human isii, hojii ijaarsa isii, beekumsaa fi qarooma isii deebifachuu hin dandeessu.

Falaasafaan isii kan oduu irratti hundooftee fi *manxiqni* isii kan Giriikii, kan jara lamaan keessa karaa oduu yaada irratti hundaa’ee fi daangaa darbuu sammuu irratti hundaa’edha. Beekumsa qabatamaa, uumamaa fi karaa (*sunnaa*) hawaa keessatti qooda hin qabu.



Inni xiinxala daangaa darbaa fi ofittummaa, oduu fi yaadidduumaa (yaada) keessatti liqimsamaadha. Kun immoo xiinxala waan qabatamaan tasuma hin jirree irratti humna fixxudha. Kun hawwii fi faa'idaawwan lubbuutiif ulaa bal'aa bana. Sana irraa wal-dhabbiin ejjannoo fi ilaalchaa madda.

Kanaan karaan xiinxalaa ulaa wal-dhabbii fi wal-faallessuu bana. Wal-dhabbiin kun immoo ilaalcha dhuunfaa kan fedhii lubbuu fi hawwii isiitiif awwaachuu malee dhimmi tokkollee isiitti nama hin geessine ta'uu danda'a.

Kun immoo waan ummata tokkichoomsuu (Tawhidaa) fi tokkummaa jidduutti garee fi murni heddummachuu uumedha. Garee uumuun kunis ilaalchi dhuufaa, fedhii fi faayidaan wal-dhabbiin fi malee qajeeltumaa fi bu'uura mata duree qabu irratti hundaa'ee miti.

Osoo warri wal-dhaban kun dhimmoota jaraa kan wal-dhabbii hedduu isaa gara ragaalee qulqulluu *wahyii* fi dhugaa uumamaatti deebisanii wal-dhabbiin sun irra hedduun isii baqxee dhabamti.

Sunsumni sadaffaan, dabiinsii fi maqaan xuraayuun karaa xiinxala Islaamaa irra gahe wal-dhabbii amantiitiif ulaa banee jira. Kunis karaan isiin irra deemte, karaa bubbututtuu adda addaa, faa'idaa dhuunfaa, dhaala wallaaluummaa kan tokkummaa ummataa ciccirtee Sanaa irratti kan hundoftedha. Karaan isiitii fi qoqqoodamni isii gara gareewwanii fi tuutaatti heddummaatte.

Sammuun namaa akka Koompitaraati. Wanti isa keessaa bahu waan isa keessa seensifamu irratti hunda'a. Yoo wanti itti galfamu tole wanti bahu ni tola, yoo hubannoo fi waamichi tole hojjiin ni tola, dhugaa fi qabatama jiruuf hiika kenna. Yoo kan itti

seensifamu hawwii fi se'aa taate, kan bahu immoo hawwii, shakkii fi waan bakka hin qabne kan daranii (kan sana caalu) ta'a.

Ergaan Qur'aana kabajamaa salphumatti, hiikaa uumama namaa sirrii, kan kaayyoo ijaarsaafi amala gaarii qabduu fi haala hawaa naannoo isii jirtuuti jechuu hubanne. Wahyiin kan dhufeef is bira darbuuf yookii isaaf wallaalamuufii miti jechuu ennaa hubanne akka sammuu fi *naqliin* wal hin dhabne hubanna.

Wahyiin kan dhufeef uumama namaa sirrooftuu fi *sunana* (karaa) uumamaa hubanno namaa keessa galchuufi. Kun immoo akka ilmi namaa isaan uumama isaa qajeelchuu fi adeemsa eenyummaa isaa ittiin qajeelchuufi. Akkasumass dhimmoota uumaa isaa uumamaatii fi ijaarsa qaroomaatiif akka deebii kennuufi. Kunis adeemsa fi toofta ijaarsaa gaariidhaan eenyummaa nama sirrii mirkaneessuudhaafi.

Kanaan hojiin namaa qajeeluudhaan, hawaa naannoo isaa jirutti fayyadamuuf halaa mijjeeffata, adeemsa wal-madaalaadhaan uumama isaa kan afuuraatiif laaffifata. Akkasumas dhimmoota isaa uumamaa kan qabeenyaa argamsiifata. Dabalataanis hubannoon kun argamuudhaan ol-guddata, eenyummaa isaa, milkaa'ina isaa kan afuuraa fi addunyaas biyya kanaa fi biyya olii (aakiraa)tti mirkaneeffata. Kun immoo kan ta'uu danda'u waa tolchuu, qulqulleessuu, laaffisuu, ijaarsaa fi kennaani.

Gatiin namaa inni dhugaa, faa'idaan isaa filubbuu ofii irraa jaallachuun kan mirkanaa'u hojii fi kennaani. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ وَأَنْفِقُوا خَيْرًا لِّأَنْفُسِكُمْ وَمَنْ يُوقِ شُحَّ نَفْسِهِ فَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴾ (١٦)

التغابن: ١٦

“Lubbuu keessaniif toltuu kennadhaa! Namni dognummaa lubbuu isaa tikfame jarri sun isaanumatu milkaa’ota.”[Al-Tagaabun: 16]

Akka kanatti ilaalchi Islaamummaa kan hawaa fi qaroomaa ennaa bocni (hubannoon) isii inni Qur’aanawaan ifatti mul’ate, waan jaarraa nabiyyummaa miraknaa’e ennaa biratti daballe, jiruu ilma namaa kana keessatti ilaalcha kana mirkaneessuun akka danda’amu Ragaan amansiistuun ni dhaabbatti (ni argamti). Akkasumas jidduu ilaalcha kanaatii fi uumamaa, *sunanaa* akka waldhabbiin hin jirre ifa baha.

Wanti qorataa irra jiru, jidduu *wahyii* fi uumamaa sammuu beekumsaaa fi mata duree irratti hundooftaan wal-bira qabuu fi madaaluu qofa. Akkasumass hubannoo qulqulleessuu fi kaayyoo dhugaa bira gahuutiin bakka wal-dhabbiitti hubannoo wahyiitti gahuudha.

### **Ilaalcha Islaamaa jidduu namoota baadiyyaa<sup>4</sup> fi sahaabotaa**

Ilaalchi warra baadiyyaa, aadaa fi hubannoo gosummaa irraa wanti isaan of-jalati qabatani deeman injifannoo argachuun, akkasumas ilaalcha gosoota dhihoo Islaamummaa seenanii fi wanti isaan of jalaan deemmatan kan akka aadaa fi hubannoo

---

<sup>4</sup> Jechi Arabiffaan “A’raaba” jedhu ummata baadiyyaa warra bakka dhaabbataa hin qabnee fi aadaa qaroomaa kan warra magaalaa hin qabnedha. (Hiikaa)

abbootii isaanii, qarooma isaanii kan humnaa fi abbaa irrummaa irratti hundaa'e sun itti aanee dhufuun ilaalcha Islaamawaa fi Qur'aanawaa kan Sahaabonni baataa turan maqaa bal'eessuu keessatti qooda fudhate.

Ammas kun kan mudachuu danda'e, gadi fageenyaan jidduu dubbii Qur'aanaa kan yeroo fi bakkaan hin daangeffamnee fi dubbii nabiiyiyii qabatamaa, kan namoota baadiyyaa waaq-maleeyyii/waaq-baay'ee, haala jiruu jaraa kan yeroo fi bakkaan daangeffamaa ta'e adda baasuu dadhabuudhaani. Dubbiin kun kan bu'uura arkaana (roga); ijaarsa garee fi hawaasaa irratti xiyyeeffatu.

Kunis ummata baadiyyaa sana haala hawaasummaa fi qarooma jaraa boodatti hafaa sana keessaa gara qarooma Qur'aanawaa fi addunyaawaatti jara baasuufi. Kanaafuu jidduu ilaalcha sahaabotaa kan addunyaawaa, Qur'aanawaa, kan addunyaa naannoo isaanii rifachiisee sanaa fi jidduu ilaalcha warra baadiyyaa addaan baasuun murteessaadha.

Jidduu ilaalcha sahaabotaa Qur'aanawaa, qaroomaa fi ilaalcha gosoota badiyyaa boodatti haftuu, kan dubbiin isaanii sammuu isaanii bira hin dabarree jidduu garaa garummaa guddaatu jira. Sahaabonni barattoota Qur'aana kabajamaa fi ilaalcha isaa waa'ee hawaa kan walii galaa fi kan qaroomaa ergamaa (SAW) irraa kan baratan turan.

Barnoota uumama uumaa ennaa Rabbiin dachii keessatti dhala namaa gadi buusuu irraa eegalee hanga argamni namaa kaayyoo argama isaa (waa laaffifachuu fi ijaarsa) gahutti; hanga inni argannoo, bareedina, fayyadamaa fi ijaarsa ga'utti jiru baratan.

Bakka bu'iinsa ennaa jennu kan Rabbiin akkana jechuudhaan dubbatedha:

﴿ إِنِّي جَاعِلٌ فِي الْأَرْضِ خَلِيفَةً ﴾ البقرة: ٣٠

“Ani dachii keessatti bakka bu'aan si godha.” (Baqaraa: 30)

Osoo seenaa ulamoota ummataa gadi fageessinee ilaallee, dhiibbaa siyaasaan gosummaa irratti hundaa'e aadaa ummataa irratti fide agarra. Kunis kan argame erga dhaaltonni mana barumsa Madiinaa Al-Munawwaraa cabdee, erga dhimma ummataa walii gala irraa isaan buusanii fi dhimmaa dhuunfaatti erga jara gara galchani booda.

Kun hunduu hariiroo xiinxala Qur'aana kabajamaa fi ilaalcha hawaa Qur'aanawaa fi qaroomaa caalaatti dadhabsiisuu keessatti qooda fudhate. Akkasumasilaalcha hawaa Qur'aanawaa kana argama jijjiiramaa fi qaroomaa (jijjiirama yeroo fi bakkaa) irratti akka hojiitti hin hiikamne dadhabsiise. Kunis akka ummata kana ilaalcha keessatti hir'ina kana dhaalchisuufi.

Kun immoo deemee deemee irra guddaa ulamoota Islaamaa akka isaan dhimma “Zikrii”, waliin jireenya dhuunfaa fi daldalaa irratti xiyyeeffatan godhe. Kana booda ilaalchi hawaa Islaamoftuun maqaan baduun waan fageeffamee ilaalamu miti. Kun immoo Muslima jiruu isaa fi kaayyoo isaa kan jiruu keessatti qajeelcha tokko malee dhiisuudhaani. Akkasumasrakkoon ilaalcha kanaa fi maqaa isii xureessuu wal-madaaluu dhabuun akka wal geessuu godhe.

Haalli xiinxalaa hamaan ummanni irra geese kunii fi haalli ilaalchi isii kan hawaa fi qaroomaa irra ga'e kun dubbii “Gatii of-dhabsiisuu” tiif deebii kennuuf haalli “Eenyummaa ofii raggaasisuu” bakka “Eenyummaa ofii mirkaneessuu” bu'uutu

irraa madde. Bakka hojii, haaromsaa fi kennaa dhama'iinsa, sodaa, hudhamiinsa, badiinsa haalaa fi diigamiinsa dhaabbilee hawaasaattu bakka bu'ee argame. Kun immoo waan nuti amma agarru kana: hadiyyoomuu ummataa, cunqurfamuu isii fi gosa, loogii, mazhaba, gareedhaan qoqqoodamuudhaan ijaarsi Islaamaa diigamuutti geese.

Wanti asitti itti akeekuu barbaannu, dubbiin nabiiyiin sahaabota isaaniitiif godhan dubbii jaalalaa, jabeenyaa fi kabajaati malee dubbii tuffii, sodaachisaa fi xineessaa miti. Kanatu ilaalcha Qur'aanawaa, haala isaa addaa kan hawaa fi qaroomaati. Rabbiin akkana jedhe:

﴿وَلِلَّهِ الْعِزَّةُ وَلِرَسُولِهِ وَلِلْمُؤْمِنِينَ وَلَكِنَّ الْمُنَافِقِينَ لَا يَعْلَمُونَ﴾ ٨ المنافقون: ٨

“*Jabeenyi Rabbumaafi, ergamaa isaatiifi, amantootaafi*” (*Al-Munaafiquun: 8*)

### **Ilaalchi Uumamaa Qur'aanawaa fi qaroomaan maali?**

Ilaalchi Islaamummaan hawaaf qabdu ilaalcha tawhiidaa (Rabbiin tokkichoomsuu), kan haallan gaggaarii, ijaarsaa, toltuu, qaroomaa fi kan uumaa namaa diriirtuu (sirrii) kan ibsitudha jechuu ni dandeenya. Kanaaf isiin ilaalcha beekumsaa, karaa (*sunanaa*) fi laaffisuu, kan elementii uumamama namaa sirrii hubannoo namaa keessatti taasisuu irratti xiyyeeffatti. Kunis akka adeemsa jiruu ilma namaa qajeelchituufi, sababa kanaatiin ilmi namaa eenyummaa isaa akka dhuunfaattis ta'ee akka gareetti akka mirkaneeffatuuf, dhimmaa fi faa'idaa isaatiif jiddu galeessummaa (adeemsa jiddu galeessaatiin) fi haqaan akka deebii kennuufi. Kun immoo hanga ilmi namaa jiraatetti itti fufa,

kallattii hundaan: kan afuuraa, argannoo fi ijaarsaa (misoomsuu) of keessatti qabata.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ مَنْ عَمِلَ صَالِحًا مِّنْ ذَكَرٍ أَوْ أَنَّىٰ وَهُوَ مُؤْمِنٌ فَلَنُحْيِيَنَّهٗ حَيٰوةً طَيِّبَةً وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ

أَجْرَهُمْ بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٩٧﴾ النحل: ٩٧

“*Dhiiras ta’ee dubartii irraa namni amanee gaarii hojjate, jiruu gaarii isa jiraachisna, galata isaanii irra gaarii waan hojjataa turaniitiin galchinaaf*” (Al-Nahl: 97)

Ilaalchi Qur’aanawaan kun ilaalcha uumaa, caaltuu, *sunanaa* (karaa Rabbiin irratti waa adeemsisu) fi jiraachisuu (dachii misoomsuu), uumama lubbuu sirrii irraa kan dubbattuu fi kan isii qajeelchitu waan taateef, isiin ilaalcha ilma namaatiif, kaka’umsaa fi humna jiruu gaarii, qaroomaa fi ijaarsaaf (dachii misoomsuu) ta’u namaaf kenniti. Bakka bu’iinsii fi qaroomni yeroo fi bakkaa hundatti hubannoo fi ilaalcha bifa gariin dachii misoomsuu of-keessaa qaba. Kun immoo kaayoo ilaalcha Qur’aanawaa qaroomaati. Ilaalchi Qur’aanawaan fi qaroomaan hawaa, ilaalcha ijaarsaa gaariidha, maalummaa ilama namaa sirrii ta’e mirkaneessiti.

Kan irra dhaabbachuudhaan, ilaalchi Islaamawaan, qoroomaan waa’ee hawaa irratti qabufaallaa waan warri maqaa xureesse itti hubateeti. Kan akka waan ilaalchi Islaamawaan kun kaayyoon isaa maalummaa ofii dhabamsiisuu ta’eetti hubate, akkasumas akka waan isiin dirqamaa fi wareegama afaanii kan irraa keessaa fi ulafaattu, kan namni isii keessatti mataa fi jiruu isaatiin wareegamuu irratti kan hundoofte jechuutti kan hubatte.

Ilaalchi Qur'aanawaan hawaa, nama Qur'aana beekke isaan wal-bareef ilaalcha uumamaa, Iimaanaa, tawhiidaa (Rabbiin tokkichoomsuu), toltuu fi ijaarsaati. Akkasumas kan ilmi namaa isiidhaan maalummaa isaa mirkaneessu, jaalala Rabbii ittiin argatudha. Jaalalli Rabbii ilaalcha Qur'aanawaa hawaa fi uumamaa keessatti akka Rabbiin isii uumetti maalummaa ofii mirkaneessuudhaan argama. Akkasumass jiruu namummaa kabajamtuu fi toltuu taate kallattii hundaan-karaa afuuraa fi qabeenyaatiin- akka Rabbiin (SW) fedhetti hubachuudhaan mirkaneeffama.

Akka ilaalcha Qur'aanaatti Rabbiin: uumaadha, haqa, beekaadha, haqa hojjataadha, nagaadha, guutuu fi qulqulluudha; hamtuu fi shayxaanni immoo ilaalcha kana keessatti: badii, miidhaa, goggogiinsa fi diinummaadha. Ennaa ilaalchi hawaa Qur'aanawaa fi uumamaa gaarome ilmi namaa gaarii ta'a. kanaafuu toltuu jaallachuu, hamtuu fi shayxaana jibbuu qaba.

Ilaalchi Qur'aanawaan hawaa kun, kan nuti ilmaan keenyaa fi murannoo keessoo isaanii keessatti dhaabuuf deemnu, ilaalcha jaalalaa, kabajaa fi nagaati. *Luhmaa* (woof/waan huccuun irraa dhahamu) isii aqiidaa tawhidaati, ijaarri (jibriin) isii beekumsa hubannoo qabduu fi keessa qulqulleesudha. Isii keessatti ilmi namaa qanani'a. Kunis inni Rabbiin jaal'achuu fi Rabbiin isa jaal'achuudhaani. Bifa kanaan fedhii isaa bilisa ta'een Rabbiin gabbara.

Kana irraa ka'uudhaan, hiikkaan zikrii (Rabbiin yaadachuu) fi salaataa, ilaalcha hawaa keessatti hammatamti jechuu dandeenya. Salaanni mallattoo zikriiti, Rabbii (SW) wajjin wal-qunnamuuf oolti. Rabbiin akkana jedhe:



﴿ أَتَى مَا أُوحِيَ إِلَيْكَ مِنَ الْكِتَابِ وَأَقِمِ الصَّلَاةَ ۖ إِنَّ الصَّلَاةَ تَنْهَىٰ عَنِ الْفَحْشَاءِ

وَالْمُنْكَرِ ۚ وَلَذِكْرُ اللَّهِ أَكْبَرُ ۗ وَاللَّهُ يَعْلَمُ مَا تَصْنَعُونَ ﴿٤٥﴾ العنكبوت: ٤٥

“Salaanni sagaggaalummaa (gumnummaa) fi waan jibbamaa irraa nama dhowwiti. Zikrii Rabbiitu irra guddaadha. Rabbiin waan isin hojjattan ni beeka.” (Al-Ankabuut: 45)

Miirri muslimaa Rabbii isaatiif qabu waan bakka guddaa qabuuf- keessattuu dhiibbaa xiinxalaa fi aadaa hir’uu kan jiruu fi qarooma ammayyaa kan qabeenya irratti hundoofte keessa facaafamte dhabamsiisuuf, qorannoo lubbuu fi hawaasummaa kan isiidhaan ilaalchi hawaa Qur’aanawaa bakka bu’uun danda’amuu fi jaalalli Rabbii mirkaneeffamu guutamuun barbaachisaadha.

Kun immoo kan mirkanaa’uu danda’u, naamusa guddisa haadhaaf abbaa fi mana barumsaatiini. Kan dubbii/ergaa isii keessatti Rabbiin Muslimaa fi ijoollee jaal’achuu irratti hirkattu/xiyyeeffattu. Ga’eessota (warra sadarkaa ijoollummaa bira darbe dirqama amantii baadhachuu gahe) keessatti immoo tola Rabbii, tika fi nama kabajuu isaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffattu.

Ammas wanti asitti ibsuun barbaachisu, zikrii fi Rabbii wajjin wal-qunnamuun bu’uura uumamaa fi mul’ataa kan namni ittiin eenyummaa isaa mirkaneessudha. Garuu wanti muslimni beekuu qabu, jaalalli Rabbii kunii fi isaa wajjin hariiroo uumuun (wal-qunnamuun) kun kan inni mirkanaa’uu fi hiika godhachuu danda’u ennaa ilmi namaa dirqama isaa bahachuu danda’e qofa. Dirqamni kun immoo dirqama: bakka bu’iinsa, laffisiinsa (waan

addunyaa irra jiru kana laaffifatanii faa'idaaf oolchuu), dachii misoomsuu, beekumsaa fi hojii gaarii, waa tolchuu fi kalaquudha.

Kan nama gaddisiisu, hubannoo Qur'aanawaa-kan kallattii hawaasummaa fi qindoomina isii qaroomaa ijaaruu- irraa fagaachuun dhimma lolaa fi qarooma oosa (baddaa) fudhachuu laaffise. Kun immoo sababa milkaa'ina qarooma ammayyaa kan beekumsa fiiziksii fi qabeenya irratti hundoofteen rifachuudhaani. Akkasumas meeshaalee fi tooftaa hunda fayyadamanii meeshaalee fi tarsimoo qarooma isaanii galmaan gahuudha. Yeroo kanatti ilmaan ummata Islaamaa immoo meeshaa ittisaa: kan aqiidaa, xiinxalaa, guddisaa fi ilaalchaa gaariin hin turreef. Kun immoo sababni isaa sochiin, xiinxalaa fi guddisni dadhabaa fi irra keessa ta'uudha.

Ilaalchi Qur'aanawaa fi qaroomaa kan inni hojii isaa argachuu danda'u ennaa ulaagaan hojii (sochii) fi bu'a qabeessummaan guutame qofa. Ulaagaan kun immoo kan mirkanooftuu, humni itti quufuu (waan qabdutti gammaduu), humna iimaanaa; hamilee, kaayyoo fi haalli nagaa ta'uudhaan; raawwiin xiinxalaa toluu irraa wanti argame hojii irra ooluudhaan, sababoota laaffifanaa, kalaqaa fi waa tolchuu barbaaduudhaani. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ وَقُلْ أَعْمَلُوا فَسَيَرَى اللَّهُ عَمَلَكُمْ وَرَسُولُهُ وَالْمُؤْمِنُونَ وَسَتُرَدُّونَ إِلَىٰ عِلِّيِّ الْعَالِيِّ وَالشَّهَادَةِ ﴾

﴿ ١٠٥ ﴾ التوبة: ١٠٥

*“Hojjadhaa sichi Rabbiin hojii keessan argaa! Ergamaan isaatii fi mu'mintoonnis (amantoonnis sichi arguu) jedhi.” (Al-Tawbaa: 105)*

Keeyyanni (aayanni) dabarte akka ilaalcha Qur'aanawaa fi qaroomaatti, rogoota (*arkaana*) ilmi namaa milka'aan ittiin waa galmaan gahu sadii dubbatte. Isiiyanis:

**Tokkoffan-** Amantii (Iimaana)

**Lammaffaan-** Omisha (hojii) fi

**Sadaffaan-** Hojichi fudhatama argachuudhaaf gatii qabaachuudha. Kun immoo mata duree qabaachuu, beekumsa irratti hundaa'uu fi sunnaayyummaa (karaa sirrii irra deemuu) dhaani.

Ummata muslimaas ta'ee namni muslimaa yoo humna isa keessaa maddisiisuu yaade, ilaalcha hawaa Qur'aanawaa haa xiinxalu, duudhaa, hubannoo, aqiidaa fi waan isiin of keessaa qabdu irra deddeebi'ee haa ilaalu. Addunyaa keessa jiraatu kana ilaalu fi hiikaa argama isaa keessattis karaa beekumsaa fi *sunana* irratti hundaa'een ilaalcha hawaa Qur'aanawaa haa xiinxalu. Kun immoo akka eenyummaa isaa, uumama isaa namummaa kan afuuraa sirrooftuu mirkaneeffatu fi filannoo isaa kan misoomaa fi qaroomaa akka qajeelfatuufi.

### **Anaafi nama biraa- Ilaalcha Qur'aanaa uumamaa keessatti**

Toliinsa ilaalcha Qur'aanaawaa hawaatiif qabu yoo argan fuulli isaa ni ifa. Karaan biraan kan fageenya tawhiidaa, wal-guutinsaa irra saaqutu jira. Kunis kan mul'atu ennaa hariiroon ilama namaa kan biraa wajjiin wal-guutinsa eegaltudha. Kun immoo naannoo wal-xaxaa keessatti, akkasumas fooyaa qaroomaa, tawhiidaa, misoomsaa fi kalaqaa keessatti. Kan inni irratti dhaabbatu: kaayyoowwan, wal-guutinsa, kaka'umsa,

misooma ijaarsaa kan hawaasa keessatti isaan hiikaan kophummaa, garee fi namummaa mirkanaa’udha. Kunis kan mirkanaa’u haala (naannoo) qaroomaa duudhaa haqaa, waliif laafuu, obbolummaa fi nageenya qabuuni.

Hariiroon ilmi namni obboleessa isaa (nama akka isaa) wajjin qabu osoo gosa isaa, bifa isaa, sanyii isaa, amana ta’uu fi amanaa ta’uu dhabuu hin ilaalin ta’uu qaba. Hunda isaanii hariiroo namummaatu walitti qaba, hundi isaaniituu maatii namummaa guddo sana irraa obboleeyyan wal-qixxa ta’ani. Rabbiin akkana jedhe:

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَجِدٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَاءً

وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي تَسَاءَلُونَ بِهِ وَالْأَرْحَامَ إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْكُمْ رَقِيبًا ﴿١﴾ النساء: ١

“Yaa ilmaan namaa Rabbi keessan kan lubbuu tokko irraa isin uume sodaadhaa!” (Al-Nisaa’: 1)

Hariiroon namni dhuunfaa kan biraa wajjin qabu hariiroo gareeti; akkasumass tokkummaa namummaa kan lubbuu tokko irraa dhufteti, kan isii irraa dhiiraa fi dubartiin babal’atan. Kun immoo qindiidhaan (abbaa manaa fi haadha manaatiin), gosaan, ummatummaa fi namummaan akka wal-guutanuufi. Namummaa keessatti hariiroo jaalalaa fi gara laafinaatu walitti jara qaba.

Namni dhunfaa tokkoo fi kan biraa gosaa fi balbalaan addaba’u, nama tokkummaa keessaan garaa garummaa (unity in diversity) mirkaneessu ta’uudhaan tokko ta’u. Kun immoo waliin hojjachuun, wal-baruu fi wal-guutuun jidduu namaatti akka argamuufi. Wal-guutinsi waliin hojjachuuf ulaagaa guutamuu qabudha. Kanaafuu ilmi namaa hundummaa isaa keessatti

gosootaa, balbala, dandeettii fi humna adda addaa qabaate. Akka waliin hojjatuuf, wal-beekuu fi wal-guutuufi.

Kanaafuu akka ilaalcha Qur'aanaatti wal-dhabbii fi adda addummaan sabummaa/loogummaa fi ol-aantummaas miti. Garuu tokkummaa, wal-guutinsaa, namummaa fi misoomsuu kan jiruu nama dhuunfaa fi hawaasaatiif dirqama ta'edha.

Namni dhuunfaa tokkoo fi kan biraa hanga fedhan wal-dhabanus, dhugaa namummaa keessatti tokko. Soda Rabbiitiin male Arabni kan Araba hin ta'in hin caalu, adiin gurraacha hin caalu. Dandeettii fi humni jaraa wal-dhabuun wal-irratti moo'uu fi ol-aantummaadhaafii miti. Tokkummaa namummaa kan hawaa kan laaffifattu, dhimmoota barbaachisan kan guuttu, qaroomaa fi aadaa kalaqxu tokko godhuu keessatti akka wal-baratanii fi akka wal-guutaniifi. Kun dirqama, nama hundaafuu qananiidha, garee nama biraa malee nama hundaafuu argamiinsii fi hafiinsi hin jiru.

Namni Muslimaa jiruu isaa fi hariiroo isaa keessatti yoo haqaa fi haqummaa irratti hin xiyyeeffatin, hirmmannaan isaa laaftuu fi oosa (maaxxoodha), namni Muslimaa keessa deebii jabduu godhuu fi qulqulleessuu barbaada.

Hadiisa Qudsii kan Abii Zariin ergamaa Rabbii (SAW) irraa odeesse, ergamaan immoo Rabbii guddaa ol-ta'aa irraa odeessan keessatti akkana jedhe:

*“Yaa gabroottan kiyya! Ani miidhaa lubbuu kiyya irratti dhowwamaa (haraama) godhe, jidduu keessanittis dhowwamaa godheen jiraa wal-hin miidhinaa!”*

Namni dhuunfaa tokkoo fi namni muslimaa biroo obbolummaa eenyummaa, aqiidaa fi ilaalcha qabu. Isiin eenyummaa namummaa kan jiruu nama sanii fi egeree isiiti.

Kanaan obbolummaan muslima sirrii gara laafinaa fi obbolummaa namummaatiin irra jabduudha. Kunis kan ta'eef, *aqiidaatu* hidhaa irra gadi fagoo lubbuu namummaati. Namni dhuunfaa tokkoo fi kan biraa akka ilaalcha Qur'aanawaa hawaatti yoo dhugaan ilaalle tokkummaa garaa garummaa keessa jiru, garaa garummaa tokkummaa keessa jiruudha. Eenyumaa namummaa sirrii keessatti malee wal-caalmaan hin jiru.

Eenyummaan namummaa kun hundee uumamaa, kaayoo argama ilma namaa, bakka itti gaafatama isii fi addunyaa kana keessatti bakka bu'iinsa isiiti.

Wanti ilaalcha hawaa Qur'aanawaa fi misoomaa adda godhu, garaa garummaa, addummaa namaa fi hawaa ilaalcha tokkummaa fi wal-guutinsaa gootee ilaaluu isiiti. Kun immoo faallaa ilaalcha qabeenyaa, diinummaa fi loogummaati.

Wantoonni adda addaa hariiroon isii wal-keessa seentuu, wal-guuttuu, bu'a qabeettii fi tokkichummaa ta'uuf wal-guutti. Kun immoo ijoo uumama namummaa sirriiti, bakka argamaa fi dachii keessatti bakka bu'iinsa isiiti. Namni dhuunfaa tokko yookii gareen tokko daangaa darbuuf carraan hin jiru. Kallattii isii hundaanuu uumama wal-guuttuu, wal-madaaluu, sirriitti dhaabbachuu fi nageenyaatu jira.

### **Ilaalchi Qur'aanawaan uumamaa ilaalcha nagaa addunyawaati**

Amantiin dhumaa kun amantii, qajeelchaa, akeekaa fi gammachiisaa ta'ee namummaan (nama hundaaf) beekumsa irratti hundaa'ee fi addunyaawaa ta'ee dhufe. Ilaalcha haqaa, obbolummaa, gara laafummaa, nagayaa fi misoomaatiin dhufe.

Ergaan Qur'aanaa gosa tokko, ummata tokko yookii garee tokkoof addatti hin dhufne. Garuu ergaa nama hundaa fi addunyaa guutuudhaaf dhufedha.

Akkasumas raajii fi dadhabsiisa wal-hordoftu miti. Sadarkaa qaroomaa kan ilmi namaa irra darbe hunda ni caala. Inni ergaa kitaabaa, beekumsaa, dubbisaa fi xiinxalaati; ergaa sammuu, ragaa fi amansiisuuti; ergaa qajeelchuu fi akeekuuti; ergaa obbolummaa, haqaa, misoomaa fi nageenyaati.

Ilaalchi Qur'aanawaa fi Wahyiin ilaalcha hawaa kan ilma namaatiif sadarkaa beekumsa irratti hundaa'ee fi akka addunyawaatti dhuftedha. Uumama ilma namaa sirrii fi *sunnaa* (karaa) hawaa kan dur irraa jiru ibsuu fi ilamaan namaa qajeelchuu fi karaa sirrii akeekuuf dhufte. Akkasumas kaayyoo isii kan ijaarsaa (misoomaa) mirkaneessuuf, keessoo isiitti seera nagayaa fi tasgabii ijaaaruuf dhufte. Kun ilaalcha horummaa, kan loogii fi gosummaa dhiphuu bu'uura godhatte, kan jaarraa dukkanaa duriitti hidhattu sana irra tarkaanfateeti.

Ergaan Islaamaa yookii ergaan nagaa Qur'aanawaan kun sadarkaa beekumsaa, addunyaa fi tokkummaa namaa ibsuu fi harkisa (rakkoo) loogummaa, diinummaa naannummaa fi garee, wantoota gowwoomsaa kan dhugaan qabatama hin qabne bira dabarfachuudhaan dhufte. *Elementoota* tokkummaa, wal-guutinsaa, ilaalchaa gaarii fi ijaarsa namummaa ibsuudhaaf dhufte. Akkuma dubbiin loogummaa, gosummaa fi naannummaa heddummaatteen kan biraa of-irraa fageessuun dhufa. Kunis xiyyeeffannoon ka'umsaa fi falaasama isii wal-dhabbiin irratti waan ta'eefi. Wal-dhabbiin akka meeshaa nama kaan fageessuu,

ol-aantummaa, ittisa falammii, diinummaa fi miidhaa akka ta'uufi.

Ilaalchii wal-dhabbii fi adda addummaa hir'uun, horummaa fi kan faayidaa (qabeenya) irratti hundaa'e ibidda adda addummaa fi diinummaa (nyaaphummaa) qabsiisti. Isiitu wal-dhabbii fi garaa garummaa (diversity) hariiroo namummaa jidduu biyyaatti, firaa fi ummataatti sababa wal-dhabbii, miidhaa fi diinummaa godha. Kun immoo kan sababa isiitiin namni ammayyaa cubbuu koloneeffannaa fi lola addunyaa dhandhamedha. Kan hanga ammaayyuu meeshaa waraana kan nama bal'eessu hojjachuudhaan dursuu isiitiin nama akeekkachiistu, kan harka dhaabbilee loogii fi dirqamsiisuu irratti hundooftee jirtu, siyaasaa humnaatti malee kan hin amannedha.

Afuura tokkummaa fi wal-guutuu mijjeessuun immoo gara walii galuu, wal-gargaaruu, jaalalaa, gara laafinaa fi nageenyaatti waamuudha.

Kanaafuu Islaamummaa fi ilaalcha Qur'aanawaa qofatu falaasamaa fi ilaalcha tokkummaa kan tokkummaa namaa mul'istee fi jabeessitedha. Akkasumas maalummaa gara garummaa fi tokkummaa keessatti kallattii wal-guutinsaa kan ibsite Islaamummaa qofa. Kallattiin wal-guutinsaa kun afuura jaalalaa, tola ooltummaa, haqummaa, miidhaa fi haala hunda keessatti roorroo dhowwuudhaani.

Wanti ummata Islaamaatiif akka addaatti, nama maraaf akka walii galaatti barbaachisu ijaarsa hawaasaa, gosootaa fi ummataa keessatti ilaalcha Qur'aanawaa kan hawaa ibsu qabaachuudha. Kanatu qajeelcha sadarkaa beekumsaa, karaa (*sunanaa*) fi addunyawaa keessatti, akkasumas qarooma haqaa fi nageenyaa



mijjeessuu keessatti bidiruu (doonii) ofkoltiiti. Garuu ibsi kun ibsa affanii qofa osoo hin taanee ibsa hojii, beekumsaa, guddisaa, ijaarsa dhaabbileetiin ta'uu qaba.

Dhaabbiileen kun immoo kan seerri namummaa addunyaawaan, nageenyi, kan tokkummaa namaa, wal-guutinsaa fi wal-gargaarsaatti amanu irratti dhaabbatu ta'uu qaba. Kunis akka dirqama bakka bu'iinsaa fi laaffifannaa, bu'uura haqummaa fi nageenyaa kan beekumsa irratti hundaa'ee fi namoota addunyaa keessatti hojii irra oolu dhaabuudhaani.

Qaroomni Islaamummaa dhugaa ilma namaa tolchuuf, qajeelchuu fi lubbuu isii iyyiinsa fi bokoka lubbuu ammayyaa kan qabeenya irratti hundoofte kana irraa ofkolchuuf; akkasumas wal-miidhuu fi wal-dhabbii irraa ittisuuf; akeekkachiisa ummanni addunyaa meeshaalee guutuutti namummaa bal'eessun nama akeekkachiistu irraa ofkolchuuf karaa furmaataati.

Ilaalchi Qur'aanawaan, qaroomaa fi addunyaawaan, tan beekumsaa fi sunaniyyummaan (karaan baratamaan) dhufte, ilaalcha tana ilaalcha wallaalummaa kan gosummaa fi loogii irratti hundoofte, jijjiiraa fi dabsa Israa'ilootaa fi se'aa oduu duraanii irraa qulqulleessuu dirqama gooti. Isii kana ibsuun immoo gara Qur'aana kabajamaatti deebi'uudhaan malee hin mirkanaa'u. Kanumaa wajjin ergaa Qur'aanawaa fi kaayyoo isa irraa kajeelamuhubannoo sirrii hubachuudhaani.

Ilaalcha walii gala kana jiruu namaa keessatti mirkaneessuuf, karaa isii qajeelchuu fi Kayyoo jiruu mirkaneessuuf akeekni/qajeelchi toluu qaba.

Osoo muslimoonni ilaalcha Islaamawaa fi Qur'aanawaa kan hawaa fi seera aadaa fi qarooma Islaamaa walii galaa qabatanii

jijjiiramni Islaamummaan ummataa fi namummaaf fidu dacha ta'a, Islaamummaan kan nuti har'a argaa jirru caala bakka hundatti diriira, ilaalchi muslimaa kan hawaa booruu (dimimmisni) fi ceem'aan/ifannaan itti hindhufu ture, silaa dhaabbilee abbaa irrummaa kan badii raabsitu jalaa bahuuf haala mijjeeffatan ture.

Asitti garaa garummaa jidduu Islaamaa fi Muslimaa jiru, akkasumas kan jidduu da'awaa (karaa Rabbiitti waamuu) fi biyyaa jiru addaa baasuun dirqama ta'a. Islaamummaan ergaa Rabbii kan dhumaati. Ilma namaa qajeelchuuf, ilaalcha hawaa qaroomaa diriirsuuf, hiikaa fi kaayyoo argamaa mirkaneessuu fi dachii keessatti bakka bu'uuf mijjee isaa kan uumamaa mirkaneessuuf dhufte.

Dhalli namaa kan bakka buufame, isatu itti dubbatame. Namni hunduu Islaamummaa irraa, akkasumas duudhaa fi barnoota isaa irraa hanga dandeettii fi fedhii isaa fudhata. Muslimoonni namoota Islaamummaatti amananiidha. Garuu hundinuu dhimma haala isaa keessatti sammuu isaa fi fedhii isaatiif dhiifamaadha. Dhalli namaa akka walii galaatti jabeenya iimaanaa, haalli isaanii nagaa ta'uu fi kara sirrii qabachuu irratti hundaa'ee jidduu isaaniitti wal-caalmaatu jira.

Haala nama Muslimaa tokko akka amantii fi aqiidaa inni hordofuutti fudhachuun dogoggora. Haala isaa keessatti amantii fi aqiidaa irraa wanti inni qabate mamii tokko malee jijjiirama amntiin isaa itti fiddedha; wanti inni amantichaa fi kaayyolee isaa walii galaa irraa dabe immoo gara nama dhuunfaa deebi'a.

Akkasumas jidduu da'waa fi biyyaa wal-makuu hin qabnu. Da'awaan ergaa qajeeltumaa, barsiisaa fi akeekuu irratti

xiyyeeffattee gara onnee deebitudha; biyyi immoo ijaarsa siyaasaa dhala namaa kan bifa qaroomaa adda addaa qabu, kan hawaasa ijaaruuf ooludha. Akkasumas garee, namummaa, seera siyaasaa, hawaasumaa, dachii isii, faa'idaa ummataa, duraa duuba isii kan keessaa fi alaa; kan dhaabaa fi biyyaa biraa jidduutti argamtuun wal-qabata.

Hariiroon biyyaa fi dhaaba siyaasaa namummaa erga argama isiitii eegalee hanga har'aatti yookii haala nageenyaa kan seera biyyaatiin bultudha; yookii haala walii galtee kan walii galteen bulchitudha; yookii haala falmii, diinummaa fi lolaa taatee humni bu'aa falmii kanaa murteessa.

Ilaalchi Islaamawaan qarooma hawaa, kana hunda bu'uura haqaa fi nageenyaa irratti hundeessiti. Dhimmi keessaa keessatti haqummaa fi wal-guutinsi bu'uura yemmuu ta'u, marii fi tola waliif yaaduun immoo tooftaa/karaa murtii fi haaromsa irra ittiin gahanudha. Yeroo hariiroon dabdee fi miidhaan argame *shari'aa* fi seeraan murteeffatamuu qaba. Yoo akkana hin ta'in tooftaa nagaa, hawaasaa (kan akka hiriira nagaa) fi lagannaa gabaa dogoggora sirreessuuf tooftaa gaariidha.

Hariiroo siyaasaa biraa keessatti immoo abbootiin taayitaa haqa deebisuuf walii galtee (wal-marii) uumudhaani. Lolaa fi dhiiga dhangalaasuun yoo sana male karaan biraa tasuma dhabame qofa tarkaanfii fudhatamu ta'uu danda'a.

Wanti nama gaddisiisu, warri dhihaa ennaa addunyaa Islaamaatiin walitti hidhatan, osoo ilaalcha Qur'aanawaa fi tawhidaa hin fudhatin karaa beekumsaa fi *sunanaa* qabatan. Ilaalcha qabeenyaa ta'ullee isatu beekumsa qabeenyaa fi

hawaasummaatiin wal-baruuf ka'umsa. Isatu faca'iinsa loogii, humnaa fi dhukkuba hawaasummaatti nama geesse.

Wanti asitti dubbachuun barbaachisu, diinummaan warri dhihaa Islaamummaaf qaban diinummaa turaadha. Kan kanaaf sababa ta'es raagdota mana amantii Kiristaanaa fi soba jarri Islaamummaa irratti uumaniidha.

Wanti nama yaachisu, gadaan bakka bu'iinsa qajeeltu dhumuu fi seenaa ummata Islaamaa keessatti hubannoowwan jaarraa qajeeltu sana, duudhaa isii, fakkeenya oggansa isii Qur'aanawaa fi seena qabeettii guddisuun danda'amuun isaa wajjiin dhumuudha.

Ennaa warri dhihaa fi qaroomni namummaa ammayyaa alaabaa beekumsa fiiziksii fi hawaasummaaka'umsa Islaamaa irraa fudhatte, ummanni eenyummaa isii irratti dammaquu fi ilaalcha isii hawaafi qaroomaadhaan wal-barachuu qabdi. Hubannoo dhaabbilee irratti dammaquu fi isiidhaan duudhaa kan akka haqummaa, walabummaa, obbolummaa, marii, misoomaa fi nageenyaa irratti dammaquu qabdi.

Bakka dhaabbanni hin jirretti humna ofittummaatu irra gara gala, ummata gara haala abbaa irrummaa, malaamaltumaa, humna fayyadamuu, dadhabbii, wallaalummaa, aangoo fi qabeenya ofiif ol-ka'achuutti geessa.

Ilaalchi Qur'aanawaan hawaa ifa ta'uun, bal'ina isii (kallattii isii hunda) hubachuu fi dhaabbilee isii kan hawaasummaa ijaaruun dhagaa bu'uuraa fi ka'umsa haaromsaati. Ummata Islaamaa qofaaf osoo hin ta'in nagaya namummaa, ijaarsa (misooma) namummaa, qaroomaa fi qajeeltuma isiitiifis bu'uura.

Sonoonni ilaalcha fi karaa Islaamoftuu dhiheessu osoo hin eegalin dura kan hubachuun barbaachisu, hubannoo *wahyii* fi maddeen isaa Qur'aanaa fi hadiisa keessaa dhimma yeroo fi bakkaatiin wal-qabsiisanii beekuudha. Kunis akka wanti dhaabbataan jijjiiramaadhaan walitti hin makanneefi.

### **Dhaabbataa fi jijjiiramaa: yeroo fi iddoo**

*Wahyiin* madda bu'uuraa kan amantii, qajeexaa fi akeeka uumama namaa ennaa ta'u, maddi kun ergaa Islaamaa addunyaawaa fi kan xumuraa kana keessatti akka sadarkaa duraatti Qur'aana kabajamaa keessa jira. Qur'aanni kun jecha Rabbii kan Rabbiin gara ergamaa isaa kabajamaatti beeksisa godheedha.

Qur'aanni akka ergaa Rabbii addunyaawaa fi xumuraa ta'etti dhaabbatiinsaan (ragga'iinsaan) ibsama. Kana jechuun, inni ergaa kaayyolee, duudhaalee fi hubannoowwan yeroo fi iddoon jijjiiramuu wajjin ragga'iinsa isaaf kennanu qaba jechuudha. *Sawaabit* (dhaabbataa) jechuudhaan kan ibsamu kana. Haalli jireenya ilama namaa, beekumsaa fi qabsoon isii jijjiiramtuu fi dagaagduu waan taatef, ergaan duudhaalee fi hubannoo Islaamaa qabatama yeroo fi iddoo irratti hundaa'ee jijjiiramaa fi dagaagaa ta'uu qaba.

Hadiisni nabiiyyii dagaagina, ogganummaa fi fakkeenyummaa keessatti madda lammataa ergaa Islaamummaa taatee argamti. Qur'aanni kabajamaan kitaaba yaadaa, se'aa fi namatti fakkeessuu akka hin taanee fi akka inni ergaa qajeeltumaa fi akeekaa dhala namaa ta'e ragaa dhiheessuu keessatti hadiisni madda lammataati.

Kan irra ka'uudhaan, jijjiirama yeroo fi iddoo (bakkaa) raga *sunnaa* nabiiyyii keessa jirtu, ergamaan Rabbii (SAW) hubannoo ergaa Islaamaa kan yeroo fi iddoo jijjiiramuu wajjin dhaabbattuu sana bakka isii qubsiisuunkan hayyummaa isaanii ibsitu beekuun barbaachisaadha. Barnootaa fi gorsa isaa kan duudhaalee fi hubannoowwan Qur'aanawaa haala qabatama yeroo fi iddoo irra qubsiisuu labsu hubachuu qabna.

Kun Rabbiin Qur'aanicha tiksuu ibsa, akkasumas isa ergamaan Rabbii (SAW) ajaja, jechootaa fi hojii isaanii barreessuu irraa dhowwuu irratti bololaa (futunaa) turan ibsa. Kunis jidduu Qur'aana kabajamaa, isa amantii Islaamaa keessatti madda dhaabbataa bakka bu'uu fi hojii ergamaa isa hojiitti hiikuu jidduutti wal-makamiinsi argamuu sodaadhaafi. Kun immoo hojiitti hiikuu keessatti jijjiirama haala yeroo fi iddoo eeguun waan barbaachisuufi.

Akkasumas haala Qur'aana kabajamaa, *sunnaa* nabiiyyii qulqulluu beekuun; haala uumamaa fi amala ilma namaa kan hawaan wal-qabtee beekuun, qabatama yeroo fi iddoo beekuun karaa guddisaa fi barnootaa deebisanii ijaaruuf barbaachisaadha. Ilaalcha hawaa, qaroomaa fi Qur'aanawaa irraa fayyadamuuf, haala seera aqiidaa isiitii fi xiinxala isii beekuun barbaachisaadha. Kunis akka dammaqina ummataa fi qaroomina haqaa, beekumsaa, addunyaawaa fi nageenyaa dhaabuu nama dandeessisuufi.

### **Fakkenyummaa qabatamaa**

Gaaffiin barbaachisaan deebii kallattii argachuu qabu, sila ilaalchi hawaa Qur'aanawaa fi qaroomaan, karaan qajeelfama nabi Muhammad ilaalcha fakkeenya kan qabatama hin qabne,

kan akka katabbii falaasamaa fi se'aa isaaniitii? Xiinxala yaadaa kan qabatamaan hin argamnee? Moo ilaalcha qajeelfamaa, dhugaa, qabataamaa, kan jireenya ilma namaa keessatti moggaa gaarummaa (positive side) bakka bu'u, kan humni cinaacha/mogga toltuu fi ijaarsaa moggaa hamtuu, cubbuu, horummaa, kan qabeenya bu'uureffatee fi kan diiggaa irra injifatu?

Yeroo duraatiif deebii gaarii (positive answer) deebisuun ni ulfaata. Keessattuu haala amma ummanni Islaamaa keessa jirtu kan akka: cicciramiinsa, wal-loliinsa, wal-miidhaa, ofittummaa, iyyummaa fi waallalummaa yoo ilaalle baay'ee ulfaata. Akkasumass ijaarsa, seera, haala gaarii fi hariiroo hawaa qaroomaa irraa booda deebi'uu kan faallaa qajeelfama ergaa Islaamaa fi ilaalcha Qur'aanaa kan hawaa qaroomaa tu'uuf dhihaatu ennaa ilaalle deebii gaaffii armaan olii kennuun baay'ee jabaata.

Gaaffiiwwan kanaaf deebii sirrii kennuuf, dhugaa fi fudhatama (wantoota fudhachuuf falmii hin barbaachisne) hedduu qalbii keessa fidachuun dirqama.

**Fudhatamni (dhugaan) duraa:** waan ilaalchi Qur'aanawaan hawaa dabarsitu keessaa kan ilmi namaa hin kajeelle hin jiru, irra qaalii fi gabbataan seenaa ilma namaa keessatti ijaarsa qaroomaa dachii irratti hojjatu keessatti ilaalcha Qur'aanawaa kana mirkaneessuudhaan milkaa'uudha.

**Fudhatamni lammaffaan:** barri nabiyyii ilaalcha Qur'aanawaa fi barbaadama isii (waan ilaalchattiin guuttachuu qabdu) kan qabatama yeroo fi bakkaa mirkaneesse, sana irra dhaabbachuudhaan ilaalchi Qur'aanawaan hawaa ilaalcha oduu fi

falaasama yaadaa kan qabatama ilma namaa keessatti mirkaneessuun hin danda’amne akka hin taane mirkaneessuu kan nu dandeessise sun fakkeenya qabatamaadha.

**Fudhatamni sadaffaan:** lubbuun ilma namaa fi garee hawaasaa duudhaa toltuu, haaromsaa, ijaarsa qaroomaa fi hubannoo isaa qabatama haala isaanii fi ijaarsa hawaasa isaanii keessatti mirkaneeffachuu keessatti wal-dhabu.

Kanaaf ummanni humni toltuu fi haqummaa isii keessatti laafu lubbuu isiitii fi qarooma namooma isii caaltuu sana haaromsuu keessatti garaa muruu hin qabdu. Sababoota sanatti geessan barbaaduu qabdi. Jechawallaalaa fi jecha kaayyoo badaa, kan wanti Islaamummaan itti waamuu fi ilaalchi isaa qaroomaan hawaa fi Qur’aanawaan waamicha fakkeenyaati jedhu kamiifillee gurra ergisuu hin qabu.

Kunis jidduu fakkenyummaa yaadaa fi fakkeenyummaa qabatamaa adda baasuun waan dirqama ta’eefi. Fakkeenyummaa dhabuun kufiinsaa fi booda deebi’iinsa, badii fi horummaa qabeenya irratti kan hundooftedha.

﴿أُولَئِكَ كَالْأَنْعَامِ بَلْ هُمْ أَضَلُّ أُولَئِكَ هُمُ الْغَافِلُونَ﴾ (الأعراف: ١٧٩)

“Jarri sun akka horiit, inumaa isaantu irra jal’oodha”) jedhe Rabbiin. (AL-Araaf:179)

Garuu fakkeenyummaan yoo lubbuu namaa, hawwi fi waan lubbuu sana dura dhaabbatu, kan yeroo fi iddoo wajjin jijjiiramuu wajjin adeemsa lubbuttii qajeelchuuf yoo hin hojjatin gatii hin qabu.

Fakkeenyummaan qabatama wajjin deemu ilma namaa dabalataan boolla dukkana horummaa, diinummaa fi miidhaa keessatti akka hin kufnee hambisuuf haada ofkoltiiti.



Cinaachi lammaffaan kan gaaffii keenya ilaalcha hawaa qaroomaa fi Qur'aanawaa ta'e deebisuuf nu barbaachisu, sila kun namni muslimaa tokko fakkeenyummaa Qur'aanawaa kana mirkaneeffachuuf dirqama hubannoowwan, duudhaalee fi sonoowwan kana jiruu fi haala isaa hunda keessatti, sochii isaa hunda keessatti, jiruu isaa guyyaa hunda keessatti qabachuu qabaa jechuudhaa? Kana jechuun, namni tokko Muslima ta'uudhaaf dirqama dogoggoraa fi mucuca hunda irraa tikfamaa ta'uu qabaa?

Ergaan Islaamaa afaan sodaachisaa tan gara isiitti mucucaate (dogoggoraan ergaa sodaachisa cimaa qabu dabarsuun), kan armaan olitti itti akeeknee dabarsinetu hubannoo kana gadi seensise. Kanatu ilaalcha hawaa Qur'aanawaa qabatama namummaa fi aadaa keessatti waan hin dandaa'amne jedhanii fudhachuutti geesse.

Qabsoon lubbuu kan humna toltuu fi hamtuu jidduutti lubbuu ilma namaa keessatti geggeeffamtu dhugaa uumamaati. Dogoggoraa fi mucucni uumamaa fi ijaarsadhala namaa keessa jira. Dogoggora hunda irraatikfamuun ergamoota qofaaf malee hin kajeelamu. Ergamoonni waan ergaadhaan wal-qabatu keessatidogoggora irraa tikfamtoota. "Ilmaan Aadam hunduu ni dogoggoru, caalaan warra dogoggoruu deebitoota (warra tawbatee irraa deebi'u)". Ilaalchi Qur'aanawaan ijaarsaa fi qabsoo kana raggaasise. karaa ittiindura dhaabbatanuu fi karaa humni toltuu kan nama keessa jiru ittiin injifatu nama qajeelche.

Qabsoon lubbuu jidduu humna toltuu fi hamtuu jidduutti lubbuu ilma namaa keessatti adeemsifamu dhugaa hawaa (uumamaa)ti. Ilmi namaa akka toltuu fi gaarummaan

injifatukaka'uun haala uumama ilma namaati. Akkasumas dogoggorrii fi mucucni argamuun maluunis dhugaa uumamaati. Ilaalcha Qur'aanawaa keessatti hojii ofii bal'eessuu fi garaa muriinsaaf mala/bakka hin agartu.

Wal'aansi isaa, humna toltuu lubbuu keessatti gargaaruu fi waan badu tolchuu irraa garaa murachuu dhabuudha. Rabbiin isatu lubbuu ilma namaa “Jal’inaa fi soda isii barsiise”, inni gara laafaa mararfataadha, laphe baataa (gara laafaa) arjaadha, tawbaa, dogoggoraa fi mucuca irraa deebi’uu, badii irra turuu dhiisuu nama irraa ni fuudha. Ilaalchi Qur'aanawaan humna qajeeltumaa, kan gara toltuu akeektuu fi kan karaa isaa laaffiftudha.

Kana irra dhaabbachuudhaan jidduu Islaamummaa fi ilaalcha isaa kan hawaa, qaroomaa, Qur'aanawaa fi jidduu haalaa fi fakkeenyummaailmi namaa ilaalcha kana, duudhaa isii fi hubannoo isiitiif fakknya ta’u adda baasuun dirqama ta’a.

Ilaalchi Qur'aanawaan kun qajeeltuma, humna toltuu, tolchuu fi ijaarsaa kana kakaasti. Dhimma kana lamaan adda baasuun dirqama ta’a wanti jenneef qabsoon lubbuu ilma namaa keessa jiru dabuu fi dogoggoruun akka danda’amu waan nu akeekuufi. Wal'aansi isii immoo qabatama jiru, kan nama dhuunfaa, ummataa fi qarooma gara mucucaattii geessuu beekuu fi isii tolchuudhaan dura dhaabbachuudha.

Haaromsaa fi jijjiiramaaf, faana dogoggoraa fi mucucaa irraa deebi’uuf, ummanni dirqama aadaa isii, adeemsa guddisa ilmaan isii qorannoo gadi fagoo qorachuu qabdi. Kunis akka ilaalchii, guddisnii fi xiinxalli sirraa’uufi. Keessi namaa akka ol-ta’uufi. Kun bu’uurri haala namaa irra guddaan dhimmi isaa barbaaduu, nama dhuunfaa fi hawaasaaf faayidaa mirkanessuu barbaacha

keessatti toltuu fi gocha sirrii hordofuu hanga ta'utti itti fufuu qaba. Dogoggorrii fi mucucni waan darbee darbee argamu, kan hawaasni mormu, kan lubbuun irraa of-qabdu, kan irraa debitu hanga ta'utti ilaalchaa fi qorannoon gadi fagoon godhamuu qaba.

Haalli ummataa hanguma fedhe badullee, ennaa xiinxaltoonni ummataa, dhiironni haaromsaa, guddisaa fi barnootaa ga'ee isii beekuu, akkaataa wal'aansa isii, karaa xiinxala isii, mala guddisa haadhaa fi abbaa fi karaa barnootaa fi ijaarsa dhaabbilee isii beekuudhaan gahee isaaniitiin dhaabbatan, garee hunda bakka hir'ina isaatti akeekuun ennaa argame, maatii fi haadhaafi abbaa irraa eegalee mana barumsaa fi barsiisaadhaan ennaa xumurame, ummanni fayyaa isii deebifachuu fi qooda isii kan qaroomaatiin dhaabbachuu irraa dadhabinnii fi ulfinni kun hin hambisu. Ilaalchi hawaa qaroomaan Qur'aanawaan ilaalcha ummataa kan walii galaa fi karaa jiruu ummataa ta'a.

Ijaarsa jiruu keenyaatii fi dheebisa keenya ce'uu keessatti wanti yaadachuu qabnu, Islaamummaan ilaalcha namummaa sirrii ta'uudha. Isiin of-koltii dhiheessiti, gara emala booddeen isii faarfamtuu taateetti karaa baasti, bakka badii irraa gara moggaa ofkoltiitti geessiti.

Islaamummaan loogummaa, horummaa, dukkanummaa, diinummaa fi nama irratti ol-ta'uu miti. Islaamummaan se'aa (fakeessa), oduu durii, gabroomfanna, xiqqeessuu fi fuudha dhiisuu (moloqsummaa) miti. Islaamummaan qabeenya dhabamtuu, taphaa fi qabsoo horummaa miti. Islaamummaan qabatama, jiruudha, afuura, madaalamaa fi diriiraadha.

## **Sonoota (bu'uura) ilaalcha Qur'aanawaa hawaa**

Ennaa ilaalcha Qur'aanawaa kallattii isii kana hawaa fi qaroomaatiin hubanne, muslimni sonoowwan ilaalcha kanaa, duudhaalee isiitti dhaqabuun ni mirkana'a. Isiitu tooftaa fi bakka ka'umsa bu'uuraa kan ilaalcha, sonaawwanii fi duudhaawwan sana boca qabsiisuu ooltudha. Isiitu meeshaa karaa xiinxala Islaamaa fi nama muslimaa tiksitudha, gara qabatama mul'atuutti kan jijjiirtuu fi adeemsa hawaasa qaroomaa kan qajeelchitudha, humna, fedhii fi dandeettii sochii fi meeshaalee isii kan guddinaa fi qaroomaatiin kan isii gargaartudha.

Meeshaaleen kun kaayyoolee isii mirkaneessuu, tooftaa isii kalaquu; jijjiirama haalaa, yeroo fi iddoo; mijjee fi gufuu dura dhaabbattu wajjin, akkasumas utubaa beekumsaa diriirtuu fi bal'oo wajjin kan dagaagdudha.

Sonoowwan tana xiqqoo adda baasnee asii gaditti ilaalla.

### **1. Tawhiida (Rabbiin tokkichoomsuu)**

Ilaalcha Islaamaawaa hawaatiif tawhinni ka'umsa bu'uuraati. Kunis waan inni deebii hawaa kan uumama sirrii, kan ilmi namaa isaan mataa ofii hubatu waan ta'eefi. Akkasumass tawhinni akka ilmi namaa kallattii jiruu fi argama isaa; waan booda jiruu fi argama isaa hubatuuf akka goolabbii dubbii namaatti tajaajila.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ هَلْ مِنْ خَلْقٍ غَيْرِ اللَّهِ يُرْزُقُكُمْ مِنَ السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ ﴾ فاطر: ٣

*“Rabbiin malee uumaan biraa kan samii fi dachii irraa isin sooru jiraa? Gabbaramaan isa malee hin jiru” (Faaxir: 3)*

﴿ وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ مِنْ رَسُولٍ إِلَّا نُوحِي إِلَيْهِ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنَا فَاعْبُدُونِ ﴾

الأنبياء: ٢٥

“Ergamaa tokkollee dura kee erginee ‘Gabbaramaan Ana malee hin jiruu Ana gabbaraa!’ jechuu beeksisa gara isaatti goonu malee hin dhiisne” (Al-Anbiyaa’: 25)

Tokkummaan uumaa (Rabbii), dandeettiin isaa, kophummaan isaa, guutinsi isaa fi toliinsi uumaa isaa kan wal-guutinsaa uumamni gosummaa fi tokkummaa (unity and diversity) qabaachuu hiika, jabeessas.

Ennaa uumamni hawaa fi wal-guutinsi seera isaa tokkummaa fi dandeettii Rabbii kan jabeessan ta’an, hawaa argamsiisuun, hojii isaa tolchuun, seera isaa qajeelchuun uumamni sababaa fi wal-gutinsa irratti hundoofta kun tokko ta’uu irratti akeeki, isa jabeessitis.

## 2. Bakka bu’iinsa

Jalqabni bakka bu’iinsaa kan Rabbiin akkana jechuudhaan ibse:

﴿ وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَأِكَةِ إِنِّي جَاعِلٌ فِي الْأَرْضِ خَلِيفَةً ﴿٣٠﴾ ﴾ البقرة: ٣٠

“Ennaa Rabbiin kee Malaykaadhaan ‘Ani dachii keessatti bakka bu’aa godhuufi’ jedhu (yaadadhu)” (Al-Baqaraa: 30).

Dirqama Qur’aanawaa kan uumama namaa keessatti bu’ura hin qabne miti. Garuu ilmi namaa akka dhuunfaattis ta’ee akka gareetti ibsa addaa kan inni uumama biraa irraa ittiin adda ba’u kan Rabbiin isaaf kenneen baana.

Ibsi (dandeettiin) addaa kan Rabbiin ilma namaatiif kenne kun: adunyaa kanatti fayyadamuu, fedhii isaa guuttachuuf hawaa naannoo isaa jirutti fayyadamuu; ilaacha, filannoo, sonoowwan,

duudhaalee fi hubannoowwan isaa boca itti godhuu faadha. Qabeenyi yoo dhuudhaalee fi dudhaalee sirrii hin qabaatin gatii hin qabdu. Sona, duudhaalee fi ilaalchis yoo qabeenyaan boca itti hin godhin gatii hin qabdu.

Bakka bu'iinsi -waan of keessaa qabu kan akka qananii hawaa kanatti fayyadamuu fi ittigaafatama filannoo dabalatee- isumatu jiruu ilma namaatii fi kaayyoo ilmi namaa kan gaarii hojjachuu, kalaqaa fi misoomaaf keessa jiru bakka bu'a.

### 3. Haqummaa fi haqaan dhaabbachuu

Haqummaa faallaa miidhaa fi cubbuu kan sochii ilma namaa hunda keessatti argamuuti. Isatu lubbuu fi qabiyyee ilma namaa sirriiti. Kun immoo kan afuuraa, qabeenyaa, hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa of keessatti qabata. Haqummaa fi haqaan dhaabbachuun dhabamnaa kallattiin argama ilma namaa fi bakka bu'iinsa bakkaan gahuun hiikaa fi kaayyoo isiitiin ala taati.

Haqummaatu qabiyyee sochii namaatii fi hiika isaa sirrii fi dhaabbataa kenna. Kaayyoo isaatii fi amala isaa mirkaneessa, akkasumassuumama isaa sirrii boca qabsiisa. Kanaaf haqummaan jalqaba waan ilmi namaa itti ajajamuu ta'e. kunis waan inni lubbuu jiruu fi bu'uura uumama qajeelchuuti, Rabbiin (SW) haqummaadhaan cubbuu/miidhaa irraa mataa ofii qulqulleesse. Ilmi namaa jallinaa isaatiin, fedhii isaa qaama Rabbiin malee jiruuf gabroomsuun lubbuu ofii malee hin miidhu.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ إِنَّ اللَّهَ يَأْمُرُ بِالْعَدْلِ وَالْإِحْسَانِ وَإِيتَايَ ذِي الْقُرْبَىٰ وَيَنْهَىٰ عَنِ الْفَحْشَاءِ

وَالْمُنْكَرِ وَالْبَغْيِ يَعِظُكُمْ لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٩٠﴾ النحل: ٩٠

“*Rabbiin haqatti, tola ooluu fi warra firaatiif haqa jaraa kennuutti ajaja. Waan fokkataa (sagaggaalumma), waan jibbamaa fi roorroo irraa ni dhowwa. Akka gorfamtanuuf (isiin gorsa).*” (Al-Nahl: 90)

﴿فَمَا كَانَ اللَّهُ يظْلِمُهُمْ وَلَٰكِن كَانُوا أَنفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ﴾ (٧٠) التوبة: ٧٠

“*Rabbi kan jara miidhu hin taane, garuu isaanumatu lubbuu ofii miidhu*” (Attawbaa: 70)

﴿وَمَا اللَّهُ يُرِيدُ ظُلْمًا لِّلْعَالَمِينَ﴾ (١٠٨) آل عمران: ١٠٨

“*Rabbiin gabroottanitti miidhaa hin fedhu*” (Ala Imraan: 108)

Jiruun hiikaa fi faa’idaa qabaachuun haqaan wal-qabata. Kanaaf Rabbiin akka ilmi namaa haqummaa fi haqaan dhaabbachuudhaan eenyummaa isaa sirrii mirkaneeffatu nama qajeelcha. Lubbuudhaa fi lubbuu irratti murteessuu keessattillee akka haqa eeggatu nama qajeelche. Osoo diinallee ta’ee haqummaa kana nama tokko irrattillee hin mormu.

Ennaa haqummaan lubbuu fi mataa ta’u haqaan dhaabbachuun immoo ragaadha. Haqaan dhaabbachuun dhabamuun badiinsa lubbuutti geessa. Kun immoo miidhaa fi madda haqummaa gogsuu ta’a. Kanaafuu haqaan dhaabbachuun jiraatu male haqni/haqummaan hin jiraatu. Haqni caalee argamaan (moonan) haqaan dhaabbachuunis caalee argama; haqaan dhaabbachuun babal’annaan haqni, gara laafinnii fi wal-gargaaruun isaa wajjin caalee argamu malee hin hafu.

Hadiisa Jabir ilma Abdallah odeesse keessatti ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

«اتَّقُوا الظُّلْمَ؛ فَإِنَّ الظُّلْمَ ظُلُمَاتٌ يَوْمَ الْقِيَامَةِ. وَاتَّقُوا الشُّحَّ؛ فَإِنَّ الشُّحَّ أَهْلَكَ مَنْ كَانَ قَبْلَكُمْ. حَمَلَهُمْ عَلَى أَنْ سَفَكُوا دِمَاءَهُمْ، وَاسْتَحَلُّوا مَحَارِمَهُمْ».

“Miidhaan dukkana guyyaa qiyaamaatii miidhaa irraa eeggadhaa! Dognummaan ummata isin duraa bal’eessee dognummaa irraa eeggadhaa! Dhiiga isaanii dhangalaasuu fi kabajaa (waan jara irratti dhowwamaa godhame) eeyyamamaa (halaala) godhachuutti jara kakaase”

Hadiisa Abdallaah ilma Umara odeesse keessatti ergamaan Rabbi akkana jedhan:

"المسلم أخ المسلم لا يظلمه ولا يسلمه"

“Muslimni obboleessa Muslimaati, isa hin miidhu, diinatti isa hin kennu”

#### 4. Bilisummaa

Iddoon (kabajaan) ilmi namaa uumama biraa irraa addatti qabu, dandeettiin bakka bu’iinsa isaa Rabbiin ilma namaa kana kabajuu ibsa. Kabajaa kanatu itti gaafatamummaa bakka bu’iinsaatii fi sochii (hojii) isa baachiste, kana hordofuudhaan immoo haqa bilisummaa sochii/hojii fi sochii sanaaf haala mijjeeffachuu qaba. Kunis hanga dandeettii fi humna isaatiini. Kanaan walabummaan ergaa geessisuu haqa ilma namaa taati. Haala keessa jiruu fi mijjee isaa irratti hundaa’uudhaan, akka dhuunfaattis ta’ee akka gareetti ilmi namaa fedhii isaa bilisummaan ibsuun mirga isaati. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ لَا يُكَلِّفُ اللَّهُ نَفْسًا إِلَّا مَاءً آتِنَاهَا ﴾ (٧) ﴿ الطلاق: ٧

“Rabbiin lubbuu tokkollee hanga dandeettii isii malee isii hin dirqu” (Al-Baqaraa: 286)

“Rabbiin waan isiidhaaf kenneen male lubbuu tokko hin dirqu” (Axxalaaq: 7)



Walabummaan gosa lama akka ta'e ibsuun barbaachisaadha.

**Gosti duraa:** walabummaa dhuunfaa kan nama dhuunfaa aqiidaa isaatii fi ilaalcha hawaatti quufuudhaan kan wal-qabattudha. Isiin kun mirga dhuunfaa kan namni tokkollee ilaalcha isaa kan dhuunfaa tokko irratti himuu/dhiibuu hin qabnedha. Gorsaa fi tola yaaduufiin ala kan nama tokkollee keessa seenuu hin qabnedha.

**Gosti lammaffaa:** walabummaa sochii/hirmaannaa dirree hawaasummaa fi hariiroo namummaa kan gamtaa fi faayidaa wal-jijjiiruudha. Walabummaan tun daangaa walii galtee miseensa hawaasaa kan mariin hawaasaa kaa'ate qabdi. Kun immoo akka miseensa hawaasaa kamillee gufuu tokko malee kaayyoo isaa diriirtuu/gaarii akka galmaan ga'atuufi. Garuu walabummaan kun gara hadiyyummaa hawaasummaa, kan faayidaa nama biraa yookii hawaasaa miitu ta'uu hin qabdu. Akkasumas dhimmi kun dubbii fi faaydaa dhuunfaa ibsuuf, yookii marii hawaasaatiin ala ta'ee akka hawaasa rakkoo abbaa irrummaa fi malaa maltummaatti hin geessine bololuun (xiyyeeffannoo kennuun) dirqama ta'a.

Gulantaa ijaarsa ummataa fi qarooma namummaa keessaa gulantaa isii hamtuu kana keessatti, namni dhuunfaa akka kophummaa isaatti akka hin jirree beeku qabna. Sababni isaas, ilmi namaa uumaa isaatiin “Hawaasawaa” dha. Kana jechuun “Tuuta” jechuudha. Tuutaan male argamuu fi eenyummaa isaa mirkaneessuu hin danda'u. Kanaafuu murtii bu'uura aragamaa fi uumamaa irratti hundaa'uudhaan tuutni (gareen) dhaabbata argama nama dhuunfaa fi daangaa sochii fi walabummaa isaa taati. Kanaafuu dhuma dubbii irratti, tuutni isiitu daangaa sirrii

kan namni dhuunfaa kan biraa wajjin qabu murteessiti. Garuu mirga nama dhuunfaa fi faayidaa tuutaa wal-madaalchisuu wajjini.

Kun immoo kan ta'uu danda'u waliigaltee marii irratti hundaa'e, kan faayidaa mirkaneessuu, miidhaa deebisuu fi abbaa irrummaatiif carraa hin kennineen qofa.

### **5. Itti gaafatamummaa**

Ilmi namaa uumama isaa kan sirrii fi tawhiidaatiin, dandeettii isaa kan bakka bu'iinsaa, wahitti gahuu fi beekumsaatiin, uumama isaa sirrii sanaan kaayyoo hawaa kanatti dhaqqabuudhaan akka walabummaa murtii isaatti qananani'uu fi itti gaafatamummaan walabummaa kun immoo gateettii isaa irra akka jirtu beeka. Yoo toltuu taates toltuu, yoo hamtuu taates hamtuudhaan. Rabbiin akkana jedhe:

*“Har'a lubbuun tokkolee waan tokko hin miidhamtu, waan hojjattan malee hin mindeeffamtanu” (Yaasin: 54)*

### **6. Kaayyoo qabaachuu**

Ilmi namaa uumama isaa kan tawhiidaa sanaan, bakka isaa kan bakka bu'iinsaatiin; dandeettii wahitti gahuu, beekumsaa, barumsa isa uumaa biraa irra adda isa godheen, bareedina hawaa naannoo isaa jiru kan argaa jiruun kaayyoo argama (hawaa) nama dhamaasuu kanatti dhaqqaba. Argamni kun aragamsiisaa (Rabbii) ibsa guutuu qabuun ala argame jechuun kan qalbii namaa keessa hin dhufne; akkasumas waan fagoo biraa, kan sammuu namaa, humni beekumsaa yaada namaa kan itti hin geenyetu jira jechuu kan ibsudha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ وَمَا خَلَقْنَا السَّمَاءَ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لِعَيْنٍ ﴿١٦﴾ ﴾ الأنبياء: ١٦

“*Sammii, dachii fi waan jidduu jara lamaanii taphaaf hin uumne*” (*Al-Anbiyaa*: 16)

Ilmi namaa uumama isaa sirrii kan waa haqa simattuu, kan Qur’aanni ibsu sanaan kaayyoo argama kanaa beeka.

Ilaalcha Qur’aanawaa keessatti ilmi namaa jiruu jabduu, filatamtuu, hiika qabeettii, bu’aa dhugaa waan namni jiruu keessatti mirakaneessuu/gumaachuuti. Addunyya afuuraa fi dhaabbataa (kan hin dhumnee)tti diriira. Kanaan jiruu du’a raqa qaama bira dabartee gara jiruu afuuraa kan hin dhaabbanneetti ceete. Kan jiruttii/biyyatii sana keessatti ilmi namaa firii waan jiruu isaa keessatti gumaache guurratu.

akka ilaalcha saamuu fi uumama sirriittis horiin duudaanii fi ilmi namaa sammuu qabu, kan duudhaa haaromsaa, toliinsaa, kalaqaa fi ijaarsaa (misoomaa) qabu wal-hin qixxaatu.

## 7. Haala qabaachuu

Namni uumamaan Rabbiin beekuun, uumamamni tokko ta’uun hawaa kanaaf uumaan jiraachuutti akka dhaqqabu isa taasisa. Akkasumas hawaa fi uumamaaf kaayyoon akka jiru, kaayoowwan haala gaarii caaltuutiif akka uume itti dhaqqabdi. Kun waan ilaalchi Qur’aanawaan deebii kennuu fi beekumsa ilma namaa keessa galchuudha (akka dhuunfaa f gareettis). Kunis akka jiruu ilma namaa qajeelchituufi, akka inni ilaalee hubannoo, beekumsaa fi itti gaafatamummaan murtee kennuufi. Karaa lamaan keessaa kamiin seena kan jedhu akka xiinxalee murteessuufi. Karaa haaromsaa fi misoomsuu moo jal’inaa fi badii seena?

Qabatamni ilma namaa kan uumamaa, afuura sirrawaa kun bu'uura qabatama amantii fi haalaa, kan uumama ilma namaa, gaaffiiwwan isaa, mul'annaa isaa kan afuuraa, kan inni erga argama kana irratti ija isaa banatee ta'aa jiru bakka bu'a.

Kanaan haalli isaa ifa lubbuu fi humna keessa isaa irratti murtee kenna/to'ata. Kun faallaa jiruu qaamaa, kan qabeenya irratti hundoofta dhimmootaaf humnaan, miidhaa fi diinummaadhaan deebii kennituuti.

## 8. Marii

Ilmi namaa akka ilaalcha hawaa Qur'aanawaa, qaroomaatti dhimma dachee misoomsuutiin bakka bu'aa dachee godhamee uumame. Kanaaf wantoota naannoo isaa laaffifachuu fi misoomsuu irratti beekumsaa fi dandeettii kenname. Akkasumas filannoo irratti birmadummaa fi dandettii kenname. Lubbuu qajeeltu kan toltuu, haaromsaa fi misoomsuutti waamtu kenname.

Gaaffiin asitti ka'u: maaliif bakka bu'iinsi kun osoo dhimma dhuunfaa hin ta'in dhimma garee ta'e?

Deebiin: dhimmi bakka bu'iinsaa itti gaafatama tokko tokkoon namaa taatus, itti gaafatama garee fi hawaasummaa kan dhala namaa fi hawaasatti rarraatudha. Nama dhuunfaa irraa gara hawaasaa fi dhalootatti diriirti. Kun ilma namaatiif walabummaa fi itti gaafatamummaa kallattii baay'eedhaan kennaaf. Itti gaafatamummaan kaayyoo haaromsaa fi ijaarsa/misooma irratti xiyyeeffattudha malee badii fi balleessuu irratti miti.

Walabummaan dhuunfaa mirga dhuunfaa kan harkatti hin qabamne ennaa ta'u, mirgi kun mirga nama biraatti taphachuu hin

eeyyamu. Akkasumas haqa garee, dhaloota fuulduraa fi faayidaa isiittis taphachuu hin qabu.

Bakka kanatti gaheen marii kan fedhii lubbuutii fi faayidaa nama dhuunfaatiif (abbootii taaytaatiif) gadi hin jennee dhufa. Garuu marii tuutaatiin taati. Kaayyoon isii immoo mirgoota dhuunfaa fi garee eeguu, kaayyoo argama ilma namaa, faayidaa walii gala kan akka ijaarsaa, haaromsaa fi nageenyaa gufuu fi kufaatii malee mirkaneessudha.

Akkasumas mariin jiruu dhuunfaa, garee fi namummaa irraa addaan bahee hin ilaalamu. Inumaa isiin meeshaa ilmi namaa kan dhuunfaa fi gamtaa kabajaa bakka bu'iinsaa ittiin hojjatudha. Isatu ergaa namummaa sirrii geessisuuf, xiinxala namummaa nagaa taate hojjachiisuuf, tuuta bilchaattuu ijaaruuf, karaa hawaasummaa, namummaa; kan marii, walitti dhufeenya, walii galtee fi waliif irra darbuutiif bu'uura. Isiin ummataan tikfanti, ummata tiksitis. Hamtuu abbaa irrummaa, jal'inaa, miidhaa, roorroo fi malaa maltummaa tiif gaachana.

Ummanni ilaalcha isii hawaa, qaroomaaa, ijaarsaa fi hubannoo faayidaa isiitiin, mirga fialnnoo jiruu ijaarsaatiin ummatatu abbaa aangooti male faallaa miti. Ennaa kun dhabame abbaan taaytaa ummata irratti abbaa aangoo ta'ee faaydaa isaatiif laaffifata, aangoo fi qabeenya kophaa fudhata, taphaa fi badii isaatiin ga'umsa, kalaqaa fi guddina biyyaa fi hawaasaa bal'eessa. Kanaafuu walabummaa fi mariin qarooma dhaabuu fi kuffisuu keessatti barbaachisummaa addaa qabdi.

## **9. Walabummaa fi marii: qaroomni itti fufuuf ulaagaa dirqamaati**

Waan nama raaju, abbaa irrummaan, miidhaa fi malaamaltummaan bakka walabummaa fi mariin jirutti argamuu hin danda’u. miidhaa fi abbaa irrummaan kan marguu (guddachuu) danda’u dukkana wallaalumaa, jallisuu fi haqa dhara fakkeessuu keessatti malee hin argamu. Bilisoota warra walitti dhufeenyaa fi marii qaban bakka tokkotti isaan jal’isuun hin danda’amu.

Haqummaan walabummaa fi marii biqilche, walabummaa fi mariin haqaan male argamuu hin danda’anu.

Yeroo ummanni muslimaa kun sadarkaa dammaqaa fi qarooma deebifannaa irra jirtu kanatti wanti barbaachisu guddaan wal-qabatiinsa walabummaa fi mariin argamiinsaa fi badiinsa qaroomaa wajjin qabu beekuudha. Akkasumass gama olka’iinsaa fi gadi bu’iinsaatiin dhiibbaa inni ummatatti fidus beekuun barbaachisaadha. Xiinxaltoonni fi tolchitoonni (haaromsitoonni) akkamitti qabatama jiruu wajjin akka deemuu qaban, ummanni akkamitti adeemsa isii kan qaroomaa fi ijaarsaa (misoomaa) akkamitti akka deebifachuu qabdu beekuun dirqama.

Qaroomni namummaa ammaa kun ol-aantummaa qabeenyaa fi loogii irraa dhukkubsataa jirti. Akkasumas himannaa dimokraasii jallifamtuu, walabummaa adiiyyoo (kan qindoomina hin qabne), kan taphaa fi badii, meeshaalee sab-qunnamtii fi dhaabbilee qorannoo kan abbootiin taayta irratti ol-ta’ee fi waan sana hordofee dhufu irraa dhukkubsataa jirti. Kun immoo yoo bariin qarooma Islaamaa kan hafuuraa hin bar’in ilma namaa gara badiitti geessiti.

Wanti qarooma ammayyaa kan qabeenya bu'uura godhate mudate kan akka: dabaa fi dhara haqa fakkeessuu, ilaalcha hawaa ummanni qabu maqaa bal'eessuu; aangoo, qabeenyaa fi teknolojiitti kopphaa fayyadamuu, abbaa irrummaa, miidhaa, malaamaltummaa fi gosoota jal'inaa baay'eedhaan miidiyaatti fayyadamanii sadarkaa guddoo irra gahuu isaaniiti akeeka. Kun ijaarsu hawaasummaa fi qarooma isaanii, akkasumass seerri isii addunyoyoftuun diigamuu beeksisa.

Sadarkaa kana irratti kan itti dammaquun barbaachisu, ijaarsa hawaasummaatiif dhaabbileen barbaachisaa ta'uu isaati. Ijaarsa kana bu'uura sirrii irratti ijaaruun jal'ina Fir'anawaa fi qaalluu irraa ittisa. Karaan ijaarsaa marii karaa ijaarsa ittiin eeganu godha, sanyii hadiyyummaa fi dabiinsaa bal'eessa, walabummaa isii dhabaa fi malaamaltummaa saaxiltu eega; dorgommii, kennaa fi kalaqaaf karaa bana.

Waan darbe kana irratti hundaa'uudhaan wanti wal-gaafachuu qabnu, sila qabeenyi tolaa/bilisaa sun abbaa irrummaa, malaamaltummaa, gogiinsaa fi ol'aantummaa dabalataa? kan haalli duraanii kan akka aangoo fi qabeenyaan kophaa bahuu fi malaa maltummaa akka hafu godhee? Kan jedhudha.

Yoo xiinxaltoonni, haaromsitoonnii fi guddistoonni dhimma kanaaf hin dammaqin dammaqa ummataa keessaa firiin dura bilchaatte baduu osoo daraartee hin fireessin gatatu (baduu) sodaanna.

Sila xiinxaltoonni, haaromsitoonnii, guddistoonnii fi qaroomtonni rakkoo gatatiinsaa fi adeemsi dabuu irraa ummata baraaruuuf, dhaala qaroomaatiif isii qopheessuu fi adeemsa qarooma namummaa tolchuuf sichi dammaquu?

Sila ilaalcha keenya hawaa, qaroomaa, ijaarsaa fi toltuu sichi deebifannaa? Sila xiinxala keenya, dubbii keenyaa fi adeemsa guddisa keenyaa kan maqaan bade sichi tolchinaa? Sila sichi duudhaa keenya kan ilaalcha hawaa, hubannoo isii fi sonoota isii, karaa xiinxala isii tiksuum dhaabbilee hundeessinaa?

Gufuun hundi jiraachuu wajjin hundi kun ni danda'ama. Ummanni qabsoo xiinxalootaa, haaromsitootaa fi guddistootaatiin, humna abbootii, hadhowwanii fi wareegama isaanii qulqulluu kan jarri faayidaa ilmaan isaaniiif godhaniitiin ummanni ga'umsa waan kana hojjachuu isii dandeessisu qabdi. Acuucaan moototaa fi gowwoomsaan qaallu jiraatullee, haadhaa fi abbaan yoo murannoo fi ilaalcha gaarii qabaatan ilmaan isaaniiif warra harkaa gubbaati.

Sila sichi nama taanee kabajamnaa, mataa keenya kabachiisnaa, walabummaa keenya tiksinaa, dhaabbilee barnootaa keenyaa, haqummaa, marii, wal-gargaaruu, nagaa fi tasgabbi jidduu hawaasa keenyaa fi qarooma jaarraa keenyaa keessatti dhaabnaa?

Hanga wantoonni bakka bu'iinsaaf barbaachisan hanga guutanutti qoophii bakka bu'iinsaa guuttachuu qabna. Isiin immoo gama barnootaa fi beekumsa qixxistuudha. Kunis firii bakka bu'iinsaa kan akka haaromsaa, ijaarsaa, dhimmoota namaa fi qananii ilma namaa, kalaqa namaa laaffisuu hanga mirkaneessinutti itti fufa.

## **10. Beekumsi qixxisuu**

Hawaa naannoo keenyaa ilaalchisee hubannoo, xiinxalli, uumamni sirriin akka ilmi namaa sammuunis ta'ee uumamaan uumama isaa bilisaa fi kan afuuraatiin tokkummaa Rabbii fi



kaayyoo isaatiif deebii kennu dirqama taasisti. Kun immoo sammuu isaa fayyadamuudhaani. Sammuun uumama namaa, sunnaa (karaa) uumamaa fi qabatama jiruu beekuun, karaa uumamaa kan warri sammuu qabu ittiin jiruu fi argama ittiin hubatudha. Sammuu, beekumsa, ilaalcha mata duree qabuu fi qixxisaa yoo hin fayyadamin haalli akka argamu kana hin ta'u. addunyaa hadiyyoo fi taphaa ta'a. kun immoo waan uumamni nagaanii fi sammun nagaan hin fudhannedha.

Osoo karaan sammuu Muslimaadhiibbaa fakkeessaa fi se'aa oduu warra Giriikiitiin hin dabne silaa muslimoonni ijaartota duraati ture. Sababni isaas Muslimoonni kenna ilaalch hawaa Qur'aanawaa fi qaroomaa sanaan sammuu beekumsa garaa garaa harkatti galfachuu danda'u.

Adeemsa ummataa kan beekumsaa, haaromsaa fi qaroomaa sirreessuuf, fakkeessaa fi waan qabatama hin qabne irraa fageessuuf qaroomtonni, qaamni barate, xiinxaltoonnii fi haaromsitoonni Muslimaa fageenya beekumsa uumamaa qixxistuu fi karaa isii deebisuu qabu. Qajeelchaa fi ejjannoo jabduu ilaacha hawaa, Qur'aanawaa fi qaroomaa qabaachuu qabu. Kun immoo karaa aadaa, guddisaa, barnootaa kan ijaarsa xiinxala ummataatii fi dhaabbilee barnootaatiif, beekumsaa fi oggantommaa deebisuuf ooltu tolchuudhaani. Wanti kun barbaachiseef, tokkummaa beekumsaa Islaamawaa kan qixxisiinsi beekumsaa irratti ijaaramu dameelee jiruu fi hawaa hunda keessatti mirkaneessuufi.

Xiinxaltoonni, guddistoonni, oggantoonni, haaromsitoonni, beektonni fi qaroomtonni sochii haaromsa ummataatiin akka dhaabbatanuuf wanti barbaachisu, beekumsiinii fi madaalliin isii

kan sammuu hojii ilma namaa sochoosuu fi kallattii fi kaayyoo isaa ibsuuf gahaa akka hin taane beekuudha. Sun kaka'umsa keessa namaatii fi fedhii ilmi namaa dhimma filannoo irratti murtii fudhachuuf qabu irratti hunda'a. dabiinsa onnee fi lubbuu irratti hundaa'uudhaan madaala sammuu fi mata duree qabaachuu beekumsaatiin wal-simachuu fi wal-faallessuus ni danda'a.

Kanaafuu qabsoo haaromsaatiif, barsiisuu fi mana barumsaa qofatti yaaduun gahaa miti. Guddisni yeroo ijoollummaa, kan bu'uura ijaarsa ilma namaa, kan qabeenyaa fi lubbuu gadi dhaabdu sababa jabaadha. Guddisni yeroo ijoollummaa, Keessa namaa isa jijjiirama qabu, qalbii fi keessa namaa (waan keessaa namatti dhagahamu) kan hin haqnee fi ibsa namummaa bu'uuraa kan filannoo namaa akeekuuf shoora guddaa taphattu hin haqne ijaaruu keessatti sababa jaba'a ta'ee argama.

Ilmi namaa fi hawaasni Muslimaa karaa xiinxala ummataa, xiinxala ilmaan isii kan xureeffamte tolchuun, akkasumass adeemsa guddisa haaraa xureeffame tolchuun, ijaarsa dhaloota fuulduraa sirreessuun, sana dura immoo ilaalcha ummataa kan hawaa ijaaruun akka ummanni qulqullina aqiidaa dhalootaa isaa kan afuuraa, tawhiidaa, amalaa, ilaalcha gaarummaa (al-iijabiyyaa) fi ijaarsaa deebifatuu gochuun barbaachisaadha.

## **11. Addunyaa'ummaa**

Isiin tun gulantaa namummaa kan isii keessatti gulantaaleen ijaarsa namaa guutuutti wal-seente baanti. Kunis akka shoora walkeessa seentuu taatuufi. Kan jechuun: dhiheenya fi hirkannaa (gara waan tokkootti of hirkisuu), nama dhuunfaa irraa hanga maatiitti, lammii fi gosaatti, hanga ummataatti, gara afaanii, bifaa

fi saalaatti, kun immoo naannoo bu’uuraa guddaadhaan akka xumuramuufi. Wanti guddaan kunis namaa fi namummaadha.

Addunyaa’ummaan bilchina namaa fi dandeettii isaa kan beekumsaa, kan hanga ammaatti da’oo yeroo fi iddoo deemsiste, dubbii namni namaatti godhu male kan isii hin simanne, isii hin ibsine irraayyi.

Ilaalchi addunyaawummaa akka qaroomaatis ta’ee namummaatti loogiif bakka hin qabu. Akkasumas addunyaawummaan sunnaa, tan addunyaawummaa mirkaneessite sun falfalaa fi wantoota hir’inaa hundaaf bakkaa hin qabu.

Amantiiwwan Islaamummaa duraa hundi ergaa ummata qophxeeffamaa turte. Islaamummaan immoo ergaan isii dhala namaa hundaaf dhufte. Ergaan isii ergaa addunyaawaa nama hundaaf ergamtedha. Tooftaan isii kan beekumsaa, ragaa fi ergaan isii kitaaba “Dubbisi” jedhu ture. Kaayyoon isii immoo haqummaa fi nageenya. Haqummaan ala addunyaawummaa fi nageenyi hin jiru.

Namni hedduun giloobaalaayzeeshiiniin (globalization) waan haaraadha se’a. kun immoo sirrii miti. Maqaatu sababa humna koloniitiin dhufe malee waan addaa miti. Kan jarri caalaatti roorroo, miidhaa fi namatti fayyadamuu mijjeeffachuuf itti fayyadamanidha.

Addunyaawummaa jechuun giloobalaayzeeshiinii jechuu miti. Inumaa jarri lamaan faallaa waliiti. Addunyaawummaan walitti dhufeenya, obbolummaa, waliif garaa laafuu, haqummaadhaan faayidaa waliif laatu fi jidduu ilmaan namaatti nageena tamsaasuudha. Giloobalaayzeeshiiniin immoo ol’aantummaa,

tokko kan biraatti fayyadamuu, bololuu, gosoota lola addunyaa gara garaati, seera kolonii dabaadha.

Ergaan beekumsaa fi addunyaawaan, tan ilmi namaa isii keessa jiraatu erga ergaan Islaamaa kan xumuraa namaaf ergamte irraa eegalee akkuma sochiin wal-qunnamtii dabalaa addeemuun wal-qunnamtii gosoota namaa fi faayidaa wal-jijjiiruu keessatti da'oon iddoo fi yeroo cabaa dhufe. Kun hunduu akka namnii fi gosoonni isii hawaasa addunyaa tokkoo keessatti tokko ta'an taasise.

Ennaa hawaasni addunyaa tokkoo fi mootummaan addunyaa tokkoo kan abjuutti irra dhiyaatu ta'uu wajjin, sochiin namummaa addunyaawaan har'aa dhugaa irraa hafiinsi hin jirre isa gooti.

Wanti xiinxaltootaa fi haaromsitoota irra jiru, abjuu namummaa, barbaacha bakka bu'iinsa ilma namaa kan akka: obbolummaa, haqaa, nageenyaa fi ijaarssaa mirkaneessuuf carraan guddaan akka fuuldura isaanii jiru beekuudha. Kun immoo sochii addunyaawaa walitti dhufeenya jidduu gosootaa irraa fayyadamuudhaan mirkana'a. Hongoon isii laalessituu fi rifachiistuu ta'uuf deemti.

Gaaffiin hamaan: sila haalli hawaas akanaatii fi seera kanaa human giloobalaayzeeshiinii kan qabeenyaa, horii, loogii fi ol-aantummaa irratti hundaa'e kana daangessuu ni danda'aa? Xiinxaltoonni fi beektonni carraa kana saammatanii qarooma Islaamawaa fi Qur'aanawaa ijaaruu ni danda'uu.

## 12. Nageenya

Nageenyi ka'umsaa fi seera gaarii ka'umsa haqummaa, tokkummaa ilma namaa kan hariiroo ilma namaa fi ilaalcha hawaa Qur'aanawaa fi qaroomaa keessa jiruti. Namummaan akka ilaalcha Qur'aanaawaatti tokkummaa garaa garummaa keessa jiru yookii garaa garummaa keessa jiru waan ta'eef, ijaarsi namaa ijaarsa wal-xaxaa geengoo wal-keessa seenaa keessa jiru kan nama dhuunfaa irraa eegalee hanga hawaasa hunda wal-gahutti kan babal'atu waan ta'eef, hariiroo wal-xaxaa kana to'achuuf ka'umsi nageenyaa dirqama.

Rabbiin akkana jedhe:

*“Yaa warra amantan! Guutummaan nageenya (Islaamummaa) keessa seenaa” (Al-Baqaraa:208)*

Wanti asitti itti akeekuu hin daganne, wanti dubbanne kun sonoota xiinxala Islaamaa fi seera isaa kan caalaatti qoodamuu danda'u keessaa hanga tokko qofa. Isiin tun tan seera karaa qorannoo beekumsa Islaamaa dabalataan guutti. Kunis kaayyoo fi qarooma isii kan ijaarsa gaarii, kan eenyummaa ilma namaa, kaayyoo fi haala gaarii kan uumamaa san mirkaneessitu mirkaneessuufi.

## 13. Haaromsaa fi ijaarsa (misoomsuu)

Dhimma isaa kan jiruu fi hafiinsaa (biyya yeroo hundaa)tiif hojjachuu fi waa laaffifachuun ilma namaa keessatti uumama bu'uuraati. Inni bu'aa dachii keessatti bakka bu'uuti. Garuu ilmi namaa sochii isaa kan jiruu keessatti humna lamatu isa harkisa.

Tokko harkisa horummaa, horofaa, kan humna, miidhaa fi roorrootti dabdudha. Kan biraa immoo itti dhagahamiinsa keessaa kan uumamaa, afuuraa, kan ilma namaa gara duudhaa haqummaa

fi gara laafummaa qabachuutti geessituu, kan miidhaa fi roorroo irraa dhowwitudha.

Wanti hubachuun dirqama ta’u, yaanni ijaarsaa fi haaromsaa sonaa fi kaayyoo uumama sirrii kan ilaalcha Qur’aanawaa fi qaroomaa irraa adda hin baanedha. Yaada sochii fi hojiitii, kalaqaatiin ala ilmi namaa dachii irratti argamuun gatii hin qabu, ilmi namaa eenyummaa isaa mirkaneessuu hin danda’u.

Garuu ilmi namaa sochii jiruu isaa keessatti godhu keessatti eenyummaa namummaa mirkaneeffachuuf cinaacha/kallattii toltuu fi haaromsaa qabachuun dirqama. Miidhaa fi badiidhaan dachii keessa deemuun badii fi ilma namaa bal’eessuudha, kabajaa kaayyoo fi seera hawaa fi uumamaa diiguudha.

#### **14. Bareedina: dhugaadhamoo sehaadha?**

Hubannoo haaromsaa fi misoomsuu guutuuf, gatii bareedinni ilaalcha hawaa Qur’aanawaa fi qaroomaa keessatti qabu dubbachuun dirqama ta’a. gatiin bareedinni qabu, gatii hawaa ilaalamaa ta’eetiif, kalaqaa hawaatiifi tolchiinsa isaa kan uumamaati.

Akkasumas dhimma uumamaa lubbuu ilma namaa fi mul’ata isiin damee jiruu hundaa fi argama qabeenyaa fi afuuraa keessatti qabdudha. Gatiin bareedinaa akkuma hawaa mul’ataa kana keessa jiru wahyii katabamaa keessas jira. Ibsa waan Rabbiin uumama keessatti uumee fi miira dhageettii fi argaa kan ittin namni qanani’u kan namaaf kenne ibsuu isaa keessatti argamti.

Garuu kan nama yaachisu, dubbiin “Of-dagachuu/eenyummaa ofii gatii dhabsiisu” dubbii Islaamawaa irratti injifachuun woggoota dheeraaf lubbuu namaa keessatti dubbii “Eenyummaa

ofii mirkaneessuu” dhaamse. Kanaan suuta suutaan bareedina qananii bareedina kalaqaa nama keessatti dhaamse.

Qananiin bareedummaa, kalaqni isaa, uumama keessatti qindoominni isaa uumama ilma namaati. Isii barbaaduun ijoo “Eenyummaa ofii mirkaneessuuti” kan uumamaa fi Qur’aanawaati. Garuu bareedinni uumama jaal’achuu uumama namaa qajeeltu keessaa bahuu hin qabdu. Akkaataan inni itti dhimma isaa bahatu tooftaa sirrii kan daangaa dabruu fi irraa gabaabbachuu hin qabnetti fayyadamuu qaba.

Yeroo ergamaa Rabbii (SAW) fi bara qajeeltumaa sana gufuun heddummaachuu wajjin ergamaan Rabbii (SAW) lubbuu boqachiisuu dhaamaa turan. Sababni isaas, lubbuun ennaa hojjiidhaan guutamte ni ifatti. Inumaa ennaa gariin warra ansaaraa cidha ayyaaneffachuu barbaannaan sahaabonni gariin harkatti qabuu barbaadan ergamaan Rabbii (SAW) akka jarri taphatanii afuura baafataniin, bareedina weeduu fi taphaatti akka bashannananiif jara irraa isaan qabe. Inumaa walaloo fi duffii gammachuu fi tapha qabdu isaaniif eeyyama ture.

Kana bira darbee ergamaan Rabbii (SAW) lubbuu ofiitiinuu kan Aa’ishaan haati mu’mintootaa bareedina tapha aadaa kan habashoonni dhiheessan ilaaltu biratti argaman.

Sababa dogoggoraatiin ija qananii ilaalchaa dhabsiisuu hin qabnu, gurras qananii dhageettii dhabsiisuu hin qabnu, sammuus qananii qindoominaa fi kalaqaa dhabsiisuu hin qabnu. Garuu osoo daangaa hin darbin, irraas hin gabaabbatin daangaa amantiin eeyyame keessatti ta’uu qaba.

Bareedinni dhimmoota addunyaa keessatti meeshaa daguu jedhamuun itti yaadamedha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿لَا يَغُرُّكَ تَقَلُّبُ الَّذِينَ كَفَرُوا فِي الْبِلَدِ ﴿١٩٦﴾ مَتَّعٌ قَلِيلٌ ثُمَّ مَأْوَاهُمْ جَهَنَّمُ وَبِئْسَ الْمِهَادُ﴾

﴿١٩٧﴾ آل عمران: ١٩٦ - ١٩٧

*“Warri didan biyyoota keessa gara gaggaluun si hin dagin. Qananii xiqqoodha, eeganaa manni jaraa ibidda jahannamaati. Deebiin (firaashni ibidda ta’uun) hammaate” (Aala Imraan: 196-197)*

qananii uumama sirrii mirkaneessuuf Bareedina barbaaduu fi kalaquun addunyaa fi aakiraattis (jireenya du’a boodaa keessattis) qananiidha. Yoo kashlabbummaa (badiisaa) fi jal’inaaf ta’e meeshaa daguu ta’a.

### **Ilaalcha hawaa Qur’aanawaa:**

#### **Bu’uura, ka’umsaa fi kakaasaa haaromsaa fi ijaarsaa**

Akka ummanni ilaalcha isii kan hawaa fi Qur’aanawaa deebifattuuf, seenaa ummata Islaamaa kanaan dura dabartee, kan gadaa nabiiyummaa fi bakka buutota isaanii qajeeltotaa, kaayyoo isaa, jijjiirama ilaalcha Qur’aanawaa fi qaroomaan bara sana irratti fide, jijjiirama gaarii ilaalchi sunii fi jaarraan sun dhiise, bara dhufaa darbaa kan adeemsa ummata muslimaa keessatti argamuu fi seenaa qarooma ilma namaa keessatti argamu hubannoo keenya keessa galchuu qabna.

Battaluma kanatti ilaalcha hawaa Qur’aanawaa fi dhugaa keessatti qarooma warra dhihaa ammayyaa kan qabeenya/faayidaa irratti hundoofta beekuutu nurra jira. Qaroomni jaraa kun erga ergaan isaanii itti gaafatama isii kan addaa ummata itti ergamtetti geessitee xumurtee booda amantii fi qajeelfama wahyiii irraa qullaa taate.



Sababa jijjiirraa/dabsuu amantiiwwan sana mudateetiin ummanni dhihaa amantiiwwan sana cunursan. Kun immoo akka isaan qarooma dhihaa kan qabeenya irratti xiyyeffatu, kan afuura (amantii) hin qabnee fi haalaa fi amala gaarii irraa qullaa taatetti akka gara galan isaan godhe. Haalli jaraa loogummaa gosaa fi hortee, ol-aantummaa kan human qabuu, qindeessaan haalaa fi hawaasummaa hariiroo waliinii fi amala keessatti dhabamuudha. Kana keessatti haalli isaanii akka haala horii kan foon malee ruhii (afuura) hin qabneeti.

Garuu hir'ina kana qabaachuu wajjiin, qarooma dhihaa kan qabeenya bu'uura godhate sana mirkaneessiteetti.

Sonoowwan bakka bu'iinsaa fi laaffisiinsaa kan qabeenyaa, kan beekumsa addunyaatiin ibsamtu wanti isaan mirkaneeffataniif tooftaa beekumsa addunyaa waan hordofaniifi. Kun immoo waan bakka bu'iinsaaf gahaa nama godhu keessaa isa tokko.

Islaamummaan ennaa hubannoon isaa tole, ilaalchi Qur'aanawaa fi qaroomaa hawaa wantoota xureessan irraa ennaa qulqulleeffame, karaan xiinxalaa fi hubannoo isaa dabaa irraa ennaa qulqulleeffame, adeemsi guddisa dhaloota isaa ennaa tolte, ilmi namaa ammayyaa shakkii tokko malee qabsoowwan, wal-miidhuu fi wal-bal'eessuu kan argama isaa akeekkachiistu irraa bilisa ta'a. ilma namaatiif sodaa booda nageeya, tasgabbii lubbuu fi haqummaa fida.

Dhimmi kun itti gaafatama xiinxalootaa, haaromsitootaa fi sirreessitoota Muslimtootaati. Kunis kan mirkanaa'uu danda'u ennaa jarri xiyyeeffannoo obsaa fi gootummaa ittiin dhiibbaa aadaa/bartee, boodatti afiinsa xiinxalaa fi gogiinsa isaa, dandii

dhaabbilee fi baqiinsa qaroomaa injifatan haala ofii godhatan qofa.

### **Ilaalcha hawaa qaroomaa, hubannoowwan namummaa fi haala toliinsa**

Gurri qabeenya islaamaa dhagahuu hin dhabdu. Kunis kan akka: hubannoowwan namummaa fi haallan gaggaarii Qur'aana keessa jiruu, akkasumas seenaa nabiiyyii fi seenaa sahaabotaa keessa jiru, gaggaarii hambaa ummataa keessa jiruu fi kan amantiiwwan Islaamummaa ammayyaa keessa jiru faadha.

Garuu qabataamni jiruu fi hawaasa ummata Islaamaa ammayyaa keessa jiru hubannoolee kanniin hedduu irraa qullaa ta'uu agarra.

Wanti ifa jiru, duudhaalee fi hubannoowwan meeshaalee (tooftaalee) ummata hundaaf ilaalcha hawaa qaroomaa isii sochoostudha. Yoo ilaalchi sun xuroofte duudhaalee fi hubannoowwan sun ni laamshofti. Kunis waan ummannii fi namni dhuunfaa isii hamilee fi waan isii sochoosu dhabdeefi. Akkasumass kaayyoo ilaalchi walii gala kan hawaa ummataaf dhalchituu fi duudhaalee fi hubannoowwan sana qabachuutti kan jara kakaastu, hariiroo namaa wajjinii fi sochii isii keessatti isii fudhachuu fi qabachuu irratti kan jara kakaastu dhabuudhaani.

Kana irraa ka'uudhaan duudhaalee, sonootaa fi hubannoowwan kana jiraachisuun, guddisaan tokko tokkoon ummataa keessatti magarsuun, dhaabbilee sochii qabduu fi walguuttuu taate keessatti bocuun, ummata qaroomaa, kan qaroomaa fi seenaa hojjatu ijaaruuf dhimma wal-qabattuu irraa hafiinsi hin jirredha.

Kanaafuu yoo ilaalcha hawaa Qur'aanawaa walii gala fi qaroomaa hin deebifatin, xureessa maqaa isii xuqe yoo irraa hin deemsisin wanti nuti duudhaalee, sonoowwanii fi hubannoo jennee gungumnu hin jiru.

Kun immoo kan ta'uu danda'u, karaa xiinxalaa fi guddisaa haaromsuu fi keessa nama Muslimaa dubbisuudhaani.

### **Waan ilaalcha boodaan jiru: akka garbaa fi galaana keessa hin qonneef**

Waan ilaalchi hawaa qaroomaa fi Qur'aanawaan dhaloota sahaabaatti hojjattee fi gumaacha qaroomaa irraa waan jarri mirkaneessan, kan adeemsa isaa Qur'aanawaafi qarooma namummaa haaromsuu keessatti qoonni guddaan isaaf ta'eef beeknee jirra. Akkasumas ilaalcha hawaa Islaamawaa fi qaroomaa hubachuuf gara Qur'aana kabajamaatti deebi'uu irratti ragga'uu dhabuun sababa dimimmisaa fi maqaa xureessaa ilaalcha ummataa fi qaroomaa tuqe ta'uu ni beekna.

Egeree gaarii ummataaf deebisuuf; kaayyoo fi ilaalcha isii, haala gaggaarii fi humna ittisa isii deebisuuf hambaalee dhaala ummataa fi adeemsa isii keessa deebi'anii ilaaluun dirqama ta'a. Ilaalchi kunis ija qaraan, kan gaarii fi badaa adda baastuun, quliqullinaan, beekumsaa fi xiyyeeffannoon kan ilaaltuun, raagduu fi oggantoota siyaasaa sodaachuun alatti kan qorattu ta'uu qabdi.

Ennaa ilaalchi beekumsaa fi xiyyeeffannoo irratti hundoofte dirree xiinxalaa, guddisaa fi hawaasummaa dhukkubaa fi maqaa xureessaa irraa qulqulleessuu keessatti qooda isii bahatte, dabareen facaasaa kan beekumsa, addunyaaawummaa,

xiyyeeffannoo, hawaasummaa fi qarooma qabdu, kan akka maddaatti gara Qur'aanaa deebitu, kan ogummaa/beekumsa seenaa nabiiyaa hubattuu itti aantee dhufti.

Beekumsii fi barumsi omisha xiinxalootaa, ulamootaa, beektota saayinsii fi warra qaromeeti. Akkasumas omisha barsiisotaa fi mana barumsaati. Guddisnii fi haala qulqulleessuun itti gaafatama maatii (abbaa fi haadhaa) fi guddistootaati. Kana jechuun immoo dhiibbaa beeksisni (meeshaaleen sab-qunnamtii) fi haalli hawaasummaa dhimma kana keessatti qabu mormuu miti.

Garuu jidduu gaheewwanii, kan seera beekumsaa fi barumsaa adeemsisuu hir'isuu yookii dhaabbilee guddisaa walitti makuun dhabuun dirqama.

Ilaalcha hawaa Qur'aanawaadhaan ummata keenya ijaaruuf hundi keenya lubbuu keenya, jiruu keenyaa fi qabsoo keenya jabeenyaan qabuun gaheera. Ennaa xiinxalaan, haaromsaan, guddisaa fi abbaan maatii gahee isaatiin dhaabbate kun mirkanaa'uu danda'a. "Namni jabaate ni argata" "Namni dhooqa keessa deeme galma ni gaha".

### **Akkamitti barnoota hawaasummaa Islaamawaa ijaarra?**

#### **Ilaalcha Islaamoftuu mirkaneessina?**

Wanti nuti bifa of-danda'aa ta'een yaaduu qabnu dhimma barnoota hawaasummaa Islaamawaa ijaaruuti. Tan isiidhaan xiinxala Islaamaa dhalchiifannudha. Xiinxalli Islaamaa kun kan isiidhaan ilaalchi Islaamaawaan mirkaneeffamu, kan isaan falammii fi dhamahiinsaaf daangaa keenyu, falammii kun

immoo “Beekumsa Islaamessuu” fi akkaataa ittii isii mirkaneessaniin kan wal-qabattudha.

Sababaa dukkanaa’insa/wallaalamiinsa gaaffilee “Beekumsa Islaamessuu” ta’e keessaa guddaan tokko dukkanaa’insa dhimmaa barnoota hawaasummaa fi Islaamawaa ijaaruti. Qabiyyee fi barbaachisummaan isii, hariiroon isiin xiinxalaa fi hambaalee Islaamummaa wajjin qabduu fi gama biraatiin immoo hariiroon isiin beekumsa hawaasummaa warra dhiha wajjin qabdu ifa tahuu dhabuudha.

Dukkana/golgola kana kaasuf, maalummaa barnoota Islaamaa, kan hambaa fi eenyummaa ibsituu, itti fayyadama isii murteessuu (adda basuu) dhaan eegalla. Eeganaa haala barnoota hawaasummaa ammayyaa adda baasna.

Dhimma xiinxalaa fi barnoota Islaamaa kan dhaalaatiin eegalla. Wanti ifaan, cinaachi fiqhii (seeraa) halluu xiinxala kana irra injifatu ta’ee mul’ata. Fiqhiin mataan isaa seera seerota bu’uuraa kan hariiroo hawaasummaa too’atu bocuudha.

Ennaa ilaalcha qixxistuudhaan adeemsa xiinxala Islaamaa fi hariiroo inni fiqhii fi seera Islaamaa wajjin qabu ilaalle, fiqhiin Islaamaa bara nabiyyii fi bakka buutota qaqqajeeloo irraa eegalee xiinxalaa fi qabiyyee isaa arjoomee jira. Kan isii bakka bu’u immoo *sunnaa* isaanii (gochaa fi jecha isaanii)tii fi erga nabiyyiin du’anii booda hojii yeroo bulchiinsa sahaabotaati raawwatame.

Kufiinsa bara bakka bu’iinsa qajeeltuutiin, waan baniinsi (muslimoonni biyyoota baay’ee Islaamummaa fudhachiisuu) argamsiisteen, sana hordofee gosti Arabaa murtee fi biyya irratti ol-aantummaa argachuudhaan, dabiinsa siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa yeroo bulchiinsa Umawiyyootaa argameen,

yeroon dheerachuun, of-irraa fageessuun jabaachuu fi dadhabinni xiinxalaa fi siyaasaa argamuudhaan bu'uurotaa fi seerota kanaan dhimmichi raawwate.

Kana jechuun, hedduun seerota kanaa, bu'uuraalee fi murteewwan kanaa xiinxalaa fi qabatama seenaa, kan addunyaa ammaa keessatti hin argamne taatee argamte jechuudha.

Barnoonni hawaasummaa warra dhihaatii fi hariiroon isiin beekumsa Islaamessuu wajjin qabdu immoo, dhimma qabiyyeedhaan wal-qabtudha. Akkasumas dhimma karaa/tooftaadhaan wal-qabattudha. Ennaa dhimmoota kana (qabiyyee fi tooftaa) addaan baasne ilaalchi ifaa ta'a. Isiidhaa wajjin hojjachuun fireessaa fi laafaa ta'a.

Dhimmicha ibsuudhaaf, osoo kana hundatti hin seenin dura barbaachisummaa barnoonni hawaasummaa dirree beekumsaa fi hariirroo hawaasummaa keessatti qabu addeessuun barbaachisaadha.

Dhimmi beekumsa hawaasummaa akka guutuu ta'uuf, jalqaba irraa wanti beekuun nurra jiru, barnoonni hawaasummaa dhimmaa fi gaheen isii dhimma seeraa fi fiqhii irraa adda. Dhimmi barnoota hawaasummaa sana irra guddaa fi bal'aadha. Kunis, dhimmi isii mataan isaatuu qorannoo of danda'aa, kan ilaalcha qarooma isaatii fi waan sanaan wal-qabatu irratti adeemsifamudha.

Kan jechuun immoo dhimmi barnoota hawaasummaa Islaamawaa hojii xiinxala hawaasummaa hawaasa keessatti maddisiisuuti jechuudha. Kanaan wantoota xiinxalli Islaamaa kan fiqhii fi seerri seerota bu'uuraa irraa baasuu namaaf argamsiisti. Kana jechuun dhimmi fiqhii fi seeraa dhimma bocaati. Dhimmi

barnoota hawaasummaa dhimma xiinxalaati. Jarri kun lamaan akka qoochoo/kooluu lamaan allaattiiti, adeemsa ummataa fi ijaarsa qarooma isii keessatti wal-guutan.

Gaaffiin asitti ka’u: barnoonni hawaasummaa warra dhihaa ammayyaa fi dhimmi ‘Beekumsa Islaamessuu’ fi barnoota hawaasummaa Islaamaa eessatti wal-qunnaman? Kan jedhudha.

Qabiyyeen xiinxala barnoota hawaasummaa warra dhihaa kallattii lamaan akka dhiibamu ni beekna. Kallattiin duraa-kallattii xiinxala eenyummaa kan ilaalcha hawaa warra dhihaa bakka buutu. Isiin immoo mataan isii ilaalcha xiinxala qabeenya bu’uureffatte kan taatee fi amantii isiitiif madaala (gatii) tokkollee hin kenninedha.

Kallattiin lammaffaan immoo: mata duree qabaachuu barnoota hawaasummaa warra dhihaati. Karaa qo’annaa isaa kan haalaa fi uumama ilma namaa, kanaan wal-qabatee akkaataa qabatama jiruu wajjin wal-simsiisu, akkamitti uumama kana kaayyoo ilaalcha isaa galmaan gahuuf laaffifachuu akka qabu; tooftaa, furmaataa fi dhaabbilee uumuudhaan gufuu dura dhaabbachuuf mijjee jiru irraa akkamitti fayyadamuu akka qabu irratti xiyyeeffatti.

Gama mata duree qabaachuu kanaan kalaqa isaanii irraa fayyadamuu ni dandeenya.

Gaaffiin as irratti jiru: sila nuti hubannoo qorannoo uumamaa fi karaa hawaasummaa, akkasumas kan qabeenyaa keessatti warra dhihaa irratti hirkattootaa? Waan ilaalcha keenya kan hawaa fi qaroomaa irraa fagaate alaa galchinaa?

Nuti har’a kun akka sirrii hin taane ni beekna. Islaamummaan barii bara haaraa, kan moggaalee beekumsaa fi

addunyaawummaa banuun dhufee jira. Beekumsa, xiinxala, qo'annaa fi ilaalcha irratti kakaasa. Qarooma Islaamaatu qo'annaa barnootaa fi karaa (*sunana*) hawaa jalqabe.

Warri dhihaa horiin yeroo sanatti maalummaa barnootaa fi *sunana* (karaa) Islaamummaatti siquudhaan male hin beekanu ture. Barnoonni hawaasummaa warra dhihaa sammuu qo'annaa hawaa Islaamaa irraa babal'ate.

Muslimootatu nama biraa caala qorannoo uumama ilma namaa keessatti, *sunnaa* (karaa) Rabbii kan uumaa argamsiisuu keessa jirtu beekuu keessatti dursee argamuu qaba ture. Garuu mucuca ganamaan adeemsa ummataa mudatetu adeemsa kana gufachiise, ilma namaa qajeelfama *wahyii* fi Islaamaa irraa agbse. Beekumsaa fi addunyaawummaa ilaalcha haqummaa, nageenyaa fi tasgabbi dhabsiise.

Waan darbe irraa ka'uudhaan Muslima irra wantoota afurtu jira. Isaanis:

1. Dhukkuba alagaatti hidhachuu fi jala deemuu irraa lubbuu ofii qulqulleessuu. Yaada sammuu, qixxisummaa, hiika kennuu, beekumsa gadi fagoo fi kalaqxuu taateen mataa isaa faayuu qaba.

2. Beekumsa ilaalcha Qur'aanawaa, hawaa fi qaromaatiin, akkasumas duudhaalee, hubaannoo, sonootaa isiitii fi *sawaabita* isaatiif (wantoota yeroo fi iddoo wajjin hin jijjiiramne) fudhachuuf lubbuu isaa qopheessuu.

3. Qorannoo namummaa fi hawaa, qabatama jiru, dandeettii isaa, mijjee yeroo fi iddoo irratti qabu qorachuuf karaa beekumsa irratti hundaa'e beekuun lubbuu ofii qopheessuu



4. Hambaalee Islaamaa irraa fayyadamuu, akkasumas gumaata beekumsa ammayyaa kan mataduree irratti xiyyeeffatte irraa fayyadamuudha.

Akkasitti “Beekumsa Islaamessuun”, barnoota hawaasummaa Islaamawaa ijaaruun, hawaasummaa Islaamawaa ammayyaa maddisiisuun wantoota dameelee adda addaa keessatti ulamoonnii fi qorattoonni irratti hojjataniin adda addummaa hin qabu. Wanti nuti itti dhimminu hundi ilaalcha hawaa Qur’aanawaa fi qaroomaa ibsuudha.

### **Gumaata (qooda) dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamaa**

Omishaawwanii fi tarkaanfiiwwan beekumsaa kan dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamaa baay’ee irraa fayyadamuun ni danda’ama. Dhaabbilee qorannoo fi warra damee qorannoolee Islaamaa fi hawaasumaatti yaadda’u irra dirqamni jiru, qorannoo isiitii fi isii dagaagsuu irratti hojjachuudha. Kunis ariitii hojii jaba fi wal-koriinsa isaa kan dhimmoota xiinxala Islaamaa keessa jiru deebisuufi.

Dhaabbanni addunyaawaa xiinxala Islaamaa sagantaalee isaa baroota dhufanii keessatti qabsoo dabalataa damee maxxansaa, leenjii akkaadaamii kan damee barnoota hawaasummaa Islaamawaa irratti xiyyeeffatu kennuu fi dhimma ilaalcha Islaamawaa ibsuuf muratee jira.

Akka fakkeenyaatti waan dhaabbanni kun hojjate yoo fudhanne, imaammata barnoota ol-aanaa Universitii Islaamaa kan biyya Maaliiziyaa tolchuu irratti kan inni hojjate ilaaluun ni danda’ama.

Kunis imaammata damee barnootaa kan bu’uuraa fi kan damee (major and minor) jedhanii faakaaltii barnoota *wahyii* Islaamaa fi barnoota hawaasummaa keessatti qooduudhaan, eebbifamaan waggaa tokko itti dabalachuudhaan digirii tokkooffaa lamaan: tokko Qo’annaa Islaamummaa fi kan biraa immoo barnoota hawaasummaa yookii namummaatiin akka bahu gochuudhaani.

Seerri kun milkii guddaa galmeessee jira. Eebbifamtoota hirkata Islaamummaa caalaatti qaban, akkasumas bilchinaa fi hubannoo ilaalcha Islaamaa qaroomtuu fi gahee ummata qaroomaan adeemsa qarooma namummaa keessatti taphatanii caalaatti qaban eebbisiisee jira. Akkasumas damee barnoota isaanii keessattis jajjaboo turan.

Imaammata Universitii Islaamaa Maliiziyaatti hojii irra oole keessaa tokko dame barnoota “*Qorannoowwan warra dhihaa*” jedhamudha. Innis qarooma warra dhihaa hubatanii waan gaarii fudhatanii waan badaa dhiisuuf beektota qopheessuu irratti xiyyeeffata.

Akkasumas gosa barnoota “*Maatii fi abbummaa*” jedhamuu fi “*Xiinxala kalaqaa fi Rakkoo hiikuu*” jedhamu faadha. Ammas gosa barnoota “*Dhaabbachuu qaroomaa fi kufiinsa isii*” jedhu raggaasisuuf yaanni dhihaatee jira. Akkasumas sagantaa dhaabbata addunyaawaa kana keessa garee saayinsii (saayisistootaa) kan *tokkummaa fi barnoota Islaamessuu* mirkaneessuuf qindaa’etu jira.

Barnoonni fiiziksii fi teknooloojii immoo tooftaan qo’annaa Islaamaa isaa wajjin jiraachuu qaba. Kunis akka barataan hubannoo bu’uuraa qabaachuudhaan yoo dabalata barbaade itti dhimma bahu isa gargaara.

Dhalootaa wal-guutu, kan ijaarsaa, addunyaawaa fi qaroomaa uumuudhaaf sagantaa barnootaa keessatti sagantaa dhaabbata addunyaawaa Islaamaa irraa fayyadamuun ni danda'ama. Kun immoo ijaarsa barnootaa fi oogganummaa ilmaan Islaamaa guddisuudhaan akka isaan ergaa Islaamaa qaroomaa sana mirkaneessuuf mijjee argatan godhuufi.

## Ergaa xumuraa

Wanti ani oboleeyyanii fi obboleettiinwan kiyya warra barsiisota yuniversitii, namoota baratan warra qorannoo geggeessan, dhaabbilee Yuniversitii fi kan biraas kan ani irratti dammaqsuu barbaadu, kitaabni barreessitootaa fi xiinxalootaa hedduun hubannoowwanii fi *musxalaha* (jechoota wal-tawaa) hedduu kan dhimmoota qabtamaa of keessaa qabdu, kan karaa akeektuu, hubannoowwan hedduu hiikuuf kan furtuu dhiheessitu jiraachuudha.

Yoo sammuu warra beekumsa addaa qabaniitii fi qalama isaanii hin qabatin, meeshaa fi tooftaa ittiin galmaan gahan yoo hin oomishin hubannoowwan kun jidduu fuula kitaabaatti hidhamtee hafti. Jiruu hawaasaa keessatti faanatokko hin qabaattu (jijjiirama hin fiddu).

Kanaafuu, qabsoon warra damee barnoota adda addaa kessatti gahumsa qabani wal-guutuudhaan akka inni ummata Islaamaa duratti oofu, akka ummanni xiinxala, tooftaa fi dhaabbilee isii haaromsitu gochuun barbaachisaadha.

Garii dhimmoota hubannoo qabatama jiruu ummataa irratti hojiitti hiikuuf, bakka bu'aa beekumsaa fi xiinxalaa dhiheessuuf hanga danda'ameen qabsaa'een ture. Garuu kan asitti dubbatame fakkeeniyota waan ittiin dhaabbatamuu qabuu, isa babal'isuun barbaachisuu fi isiidhaan gara dameelee akkaadaamii adda addaatti gahamuu danda'amu qofadha.

## **Kitaabni kun**

Kitaabni kun keessa deebii qorannoo gadi fagoo fi qixxistuu kan dhimma “Ilaalcha ummata Islaamaa kan hawaa”, karaalee sababa guddina ummata Islaamaa duraanii seenaa keessatti hordofuu irratti xiyyeeffata. Akkasumass wantoota ilaalcha hawaa qaroomaa ummata Islaamaa xureessee fi gufuuwwan har’a ummata dura dhaabbatu irraa saafa. Kitaabichi “Ilaalcha hawaa qaroomaa fi Qur’aanawaa”; akkaataa ittiin addunyaa ammaa kana keessatti qaroomaa fi misooma ummata Islaamaa duraanii deebifachuun danda’amu ibsuu keessatti kitaaba shoora guddaa taphatudha. Kunis fedha Rabbiitiin ummata Islaamaa, egeree qaroomaa fi namummaa baraaruufi.

### **Abdulhamiid Ahmad**

Dhalataa Makkaa Al-Mukarramah, ogganaa dhaabbata xiinxala Islaamaa addunyaawaa, piresidaantii Yuniversitii Islaamaa addunyaawaa kan biyya Maaliiziyaa (1988-199)ti.

Yuniversitii Pinislaviniyaa kan Amerkaa irraa bara (1973) *Hariiroo biyyootaatiin* Sadarkaa doctoorummaa argate. Waa’ee xiinxala Islaamaa adda addaa irratti kitaabotaa fi qorannaa hedduu qaba. Sanniin keessaa: “Ilaalcha Islaamaa kan hariiroo biyyoolessaa: kallattii haaraa kan xiinxalaa fi tooftaa Islaamaa”, “Gaaga’ama sammuu Muslimaa”, “Humnaa fi oggansa qabsoo siyaasaa jidduu sonaa fi filannoo”, “Gaaga’ama oggansaa fi keessa Muslimaa” fi “Islaama ammayyaa haaromsuu” faadha.

## KITAABNI KUN

*Kitaabni kun keessa deebii qorannoo gadi fagoo fi qixxistuu kan dhimma “Ilaalcha ummata Islaamaa kan hawaa”, karaalee sababa guddina ummata Islaamaa duraanii seenaa keessatti hordofuu irratti xiyyeeffata. Akkasumass wantoota ilaalcha hawaa qaroomaa ummata Islaamaa xureessee fi gufuuwwan har’a ummata dura dhaabbatu irraa saaga. Kitaabichi “Ilaalcha hawaa qaroomaa fi Qur’aanawaa”; akkaataa ittiin addunyaa ammaa kana keessatti qaroomaa fi misooma ummata Islaamaa duraanii deebifachuun danda’amu ibsuu keessatti kitaaba shoora guddaa taphatudha. Kunis fedha Rabbiitiin ummata Islaamaa, egeree qaroomaa fi namummaa baraaruufi.*

### **Abdulhamiid Ahmad**

*Dhalataa Makkaa Al-Mukarramah, ogganaa dhaabbata xiinxala Islaamaa addunyaawaa, piresidaantii Yuniversitii Islaamaa addunyaawaa kan biyya Maaliiziyaa (1988-199)ti.*

*Yuniversitii Pinislaviniyaa kan Amerkaa irraa bara (1973) Hariiroo biyyootaatiin Sadarkaa doctoorummaa argate. Waa’ee xiinxala Islaamaa adda addaa irratti kitaabotaa fi qorannaa hedduu qaba. Sanniin keessaa: “Ilaalcha Islaamaa kan hariiroo biyyoolessaa: kallattii haaraa kan xiinxalaa fi tooftaa Islaamaa”, “Gaaga’ama sammuu Muslimaa”, “Humnaa fi oggansa qabsoo siyaasaa jidduu sonaa fi filannoo”, “Gaaga’ama oggansaa fi keessa Muslimaa” fi “Islaama ammayyaa haaromsuu” faadha.*